# XIINXALA DOGOGGORA BARATTOONNI AFAAN OROMOO DUBBISUU IRRATTI QABAN: MAGAALA FINFINNEE MANA BARUMSAA JENERAAL TAADDASAA BIRRUU KUTAA 10FFAA IRRATTI KAN XIYYEEFFATE.

**ETEENESH ADDUNYAA ABDIITIIN**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA /MA/ AFAAN OROMOOFI OGBARRUU GUUTTACHUUF QOPHAA'EE, MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTTI KENNAME.**

**WAXABAJJII, 2021**

**NAQAMTEE, OROMIYAA**

`

**YUUNIVERSITII WALLAGGAA**

**INISTIITIYUUTII QO'ANNOO AFAANIIFI GAAZEXEESSUMMAA**

**MUUMMEE AFAANIIFI OGUMAA OROMOO**

# XIINXALA DOGOGGORA BARATTOONNI AFAAN OROMOO DUBBISUU IRRATTI QABAN: MAGAALA FINFINNEE MANA BARUMSAA JENERAAL TAADDASAA BIRRUU KUTAA 10FFAA IRRATTI KAN XIYYEEFFATE.

**ETEENESH ADDUNYAA ABDIITIIN**

**GORSAA ALAMAAYYOO TAAFFASAA (MA)**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA /MA/**

**AFAAN OROMOOFI OGBARRUU GUUTACHUUF**

**QOPHAA'EE,MUUMMEE AFAAN OROMOOFI**

**OGBARRUUTTI KENNAME**

**WAXABAJJII, 2021**

**NAQAMTEE, OROMIYAA**

`

**YUUNIVERSITII WALLAGGAA**

**INISTIITIYUUTII QO'ANNOO AFAANIIFI GAAZEXEESSUMMAA**

**MUUMMEE AFAANIIFI OGUMAA OROMOO**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoo barsiisuuf guuttachuuf Iteenesh Addunyaa Mata duree: Xiinxala Dogoggora Barattoonni Afaan Oromoo Dubbisuu Irratti Qaban: Magaalaa Finfinnee Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu Kutaa 10ffaa irratti kan xiyyeeffate jedhu irratti qophaa'e sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa _____ Mallattoo _____Guyyaa _____

Qoraa Keessaa _____Mallattoo_____Guyyaa _____

Gorsaa_____Mallattoo_____Guyyaa _____

`

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA /MA/**
**AFAAN OROMOOFI OGBARRUU GUUTACHUUF QOPHAA'EE,**
**MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTTI KENNAME.**

**YUUNIVERSITII WALLAGGAA**
**INISTIITIYUUTII QO'ANNOO AFAANIIFI GAAZEXEESSUMMAA**
**MUUMMEE AFAANIIFI OGUMAA OROMOO**

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

Qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu isaa akkasumas, hojiin kun bakka kamittiyyuu kan dhimma itti hin ba'amne ta'uu isaafi madden odeeffannoo qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa Qorattuu: Iteenesh Addunyaa Abdii
Mallattoo _____
Guyyaa _____
Ani Gorsaa qorannoo kanaa kanan ta'e, waraqaan qorannoo kun qorumsaaf dhiyaachuu danda'uu isaa nan mirkaneessa.

Maqaa _____
Mallattoo _____
Guyyaa _____

`

# *AXEREERAA*

*Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, dogoggora dubbisuu barattoota Afaan Oromoo baratan kan Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu Sadarkaa 2$^{ffaa}$ kutaa 10$^{ffaa}$ qorachuudha. Dogoggora dubbisuu barattootaa kana qorachuufi, odeeffannoo barbaachisu funaannachuudhaaf, mala makaatti dhimma bahamee jira.Mala iddatteessuu carraatiin, barattoonni kutaa 10$^{ffaa}$ 56, filatamanii jiru. Odeeffannoon meeshaalee funaansa ragaa, bargaaffii, daawwannaa, afgaaffiifi dubbisa odkennitoota irraa walitti qabamee, akkaataa walitti dhiyeenya yaada isaaniitiin qindaa'anii bifa lakkoofsaafi ibsaatiin qaacceffamaniiru.Argannoowwan gurguddoon qorannoo kanaan bira gahamanis: Barattoonni barreeffama Afaan Oromoo tokko dubbisuu irratti hanqina akka qaban, barreeffama kennameef fedhiidhaan ka'anii dubbisuu irratti hanqinni barattootarratti mul'teera, barsiisonnis warren Afaan Oromoo barsiisan, dogoggora dubbisuu barnoota Afaan Oromoo barattoonni qaban hirrisuu irratti sadarkaa gadii irraa kaasee hanqina akka qaban odeeffannoo qaacceffamerraa hubatameera. Akkasumas, dogoggora barattoonni barnoota Afaan Oromoo dubbisuu irratti isaan mudateef malli barsiisaan fayyadamee barsiisuufi Afaan Oromoo irra caala barattoonni daree barnootaa keessatti qofa waan fayyadamaniif Afaan Amaaraa dareen alatti haasa'uun rakkoo kanaaf Afaan Amaariffaa gahee guddaa qaba. Dhumarrattis, Barattoonni barreeffama barnoota Afaan Oromoo sirriitti dubbisuu shaakaluun, barattoonni barreeffama kenname tokko fedhiidhaan ka'anii dubbisuu shaakalalsiisanii gaarii ta'a, barsiisaan dubbisa dabalataa kennuun shaakalsiisuuakka qabuufi mala baruu barsiisuu hirmaachisaa fayyadamee haala barattoonni irra jiran waliin walqabsiisuun dubbisa shaakalchiisuun gaarii ta'uusaa, maatiin barattootaa, barsiisaan, uummanni Oromoo magaalaa Finfinnee keessa jiraatan ijoolleen isaanii mana barnootan alattis Afaan Oromoo dubbachuufi dubbisuu shaakalsiisuun yookiin jajjabeessuun gaarii akka ta'e yaada furmaataatti kennamee qorannoon kun goolabamee jira.*

# GALATA

Hojiikoo jalqabaa hanga xumuraatti akka galmaa ga'uuf dursa kan nagargaare, waaqayyoof galanni haa ta'u. Itti aansuun waraqaan qorannoo kana akka xumuruuf gorsaafi deeggarsa barbaachisuun na gargaara kan turan gorsaa koo Barsiisaa Alamaayyoo Taaffasaatiif galanni koo daangaa hinqabu.

Dhumarratti waraqaa qorannoo kana yeroon hojjedhu namoota ga'ee taphatan: Tokkoffaa Barattoota Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu Sadarkaa Lammaffaa, Lammaffaarratti maatiifi hiriyyoota koofi Sadaffaarratti Barsiisota Yuunivarsiitii Addis Ababaa yeroo isaaniirraa qusachuun waan gaafatamaniif eeyyamamanii yaada naa kennaniif galanni koo guddaadha.

# BAAFATA

**Qabiyyee** **Fuula**

**AXEREERAA** ..... **i**

**GALATA** ..... **ii**

**BAAFATA** ..... **iii**

**TARREEWWAN GABATEE** ..... **v**

**BOQONNAA TOKKO: SEENSA** ..... **1**

1.1. Seenduubee Qorannichaa ..... 1

1.2. Ka'umsa Qorannicha ..... 4

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ..... 6

1.3.1. Kaayyoo Gooroo ..... 6

1.3.2. Kaayyoo Gooree ..... 7

1.4. Barbachisummaa Qorannichaa ..... 7

1.5. Daangaa Qorannichaa ..... 8

1.6. Hanqina Qorannicha ..... 8

1.7. Qindoomina Qorannicha ..... 8

**BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU** ..... **9**

2.1. Maalummaa Dubbisuu ..... 9

2.2. Wantoota Dubbisuurratti Gufuu Ta'an ..... 10

2.2.1. Gosa Qubee ..... 10

2.2.2. Garaagarummaan Sadarkaa Sagaleessuutti ..... 12

2.3. Gulantaalee Dubbisuu ..... 13

2.3.1. Gulaantaa Dubbisuun Duraa ..... 14

2.3.2. Gulantaa Yeroo Dubbisaa ..... 15

2.3.3. Gulantaa Dubbisuun Boodaa ..... 16

2.4.Tarsiimoolee Dubbisuu ..... 16

2.4.1. Bal'inaan dubbisuun (Extensive reading) ..... 17

2.4.2. Xiyyeeffannoon /gadifageenyaan dubbisuu (Intensive reading) ..... 17

2.4.3. Saffisaan Dubbisuu (Scanning Reading) ..... 18

2.4.4. Irra keessa dubbisuu (Skimming) ..... 18

2.4.5. Xiinxalaan dubbisuu (Critical reading) ..... 19

2.5. Amaloota Dubbisuu Gaarii ..... 20

2.6. Yaadiddama Qorannoo ..... 20
2.7. Sakatta'a Barruulee Walfakkii ..... 21
**BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO ..... 22**
3.1. Saaxaxa Qorannoo ..... 22
3.2. Madda Ragaalee ..... 23
3.3. Iddattoofi Iddatteessuu ..... 23
3.3.1. Irraawwatamaa Qorannichaa ..... 23
3.3.2. Mala Iddattoo Barataa ..... 24
3.3. 3. Mala Iddattoo Barsiisaa ..... 24
3.3.4. Mala Iddattoo Maatii Barattootaafi Qaamolee Biroo ..... 25
3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaa ..... 25
3.4.1 Bargaaffii ..... 25
3.4.2 Afgaaffii ..... 26
3.4.3. Daawwannaa ..... 26
3.5. Mala Xiinxala Ragaalee ..... 26
**BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE ..... 28**
4.1. Qaacessa Bargaaffii Barattootaa ..... 28
4.1.1. Qaaccessa Ragaalee Bargaaffii Dubbisa Barattootaaf Dhiyaaterraa Bu'aa Argame: ..... 28
4.1.2. Qaaccessa Bargaaffii Barattootaa Gaaffii Filannoo irraa Argame. ..... 30
4.3. Bu'aa Afgaaffii Barsiisotarraa Argame Akka Armaan Gadiitti Dhihaate ..... 37
4.4. Afgaaffii Waajjira Barnoota Magaala Finfinneef Dhihaate Akka Armaan Gadiitti Dhihaate: ..... 41
4.5. Afgaaffii Maatii Barattootaa ..... 45
4.6. Afgaaffii Waldaa Barsiisotaa ..... 47
4.7. Afgaaffii Hayyootaa ..... 50
4.8. Daawwannaa Daree ..... 53
**BOQONNAA SHAN: GUDUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ..... 56**
5.1. Guduunfaa ..... 56
5.2. Argannoo ..... 56
5.3. Yaboo ..... 58
**WABIILEE ..... 59**
**DABALEEWWAN ..... 62**

## TARREEWWAN GABATEE

Gabatee1: Qaaccessa baragaaffii barattoota gaaffii 1ffaa ..... 31
Gabatee 2**:** Qaaccessa baragaaffii barattoota gaaffii 2ffaa ..... 31
Gabatee3**:** Qaaccessa baragaaffii barattoota gaaffii 3ffaa ..... 32
Gabatee 4**:** Qaaccessa baragaaffii barattoota gaaffii 4ffaa ..... 33
Gabatee 5: Qaaccessa baragaaffii barattoota gaaffii 5ffaa ..... 33
Gabatee 6**:** Qaaccessa baragaaffii barattoota gaaffii 6ffaa ..... 34
Gabatee 7**:** Qaaccessa baragaaffii barattoota gaaffii 7ffaa ..... 35
Gabatee 8**:** Qaaccessa baragaaffii barattoota gaaffii 8ffaa ..... 35
Gabatee 9**:** Qaaccessa baragaaffii barattoota gaaffii 9ffaa ..... 36
Gabatee 10**:** Qaaccessa baragaaffii barattoota gaaffii 10ffaa ..... 37

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Qorannoon Kun waa'ee Xiinxala dogoggora barattoonni Afaan Oromoo dubbisuurratti qaban Kan Magaala Finfinnee mana barumsa Jeneraal Taaddasaa Birruu kutaa 10ffaa irratti xiyyeeffatee qophaa'edha. Qorannoon kunis kan haammatu seenduuba qorannoo, ka'umsa qorannoo, kaayyoo qorannoo, barbaachisummaa qorannoo, daangaa qorannoo, hanqina qorannichaa, sakatta'a barruulee, malleen qorannoo, dhiyeessaafi qaaccessa ragaalee, guduunfaa, argannoofi yaboo, wabiileefi dabaleeewwan gosa garagaraa of keessatti kan haammatedha.

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Namoonni sirna barnootaa keessa darban hedduun isaanii wanta dubbbisan osoo hin hubatiin akka darban qorattoonni tokko tokko ni ibsu. (Berndt, Petzer & Wayland 2014; Pretorius 2002; Van Dyk, Van der Poel & Van der Slik 2013). Namoonni kaan garuu dubbisuu dadhabuudhaan osuma rakkatanii rakkoo kana waliin kan jiraatanis hedduudha. Dubbisuun dandeettii hedduu barbaachisaa ta'eefi galma ga'insa barattootaatiif gumaacha guddaa qaba.(Butler 2013; Pretorius 2005).Qorannoonis akka agarsiisutti Biyya Afrikaa Kibbaa keessatti barattoonni hedduun barumsa sadarkaa gara gadiitti dandeettii dubbisuu waan hin qabneef barumsa sadarkaa olaanaa keessatti hedduu rakkatu.Dadhabbinni akkasii kunis dhaabbilee Afrikaa Kibbaa keessa jiran deeggarsa dubbisuu waliin walqabatu akka barattootaaf godhan isaan dirqisiiseera.(McLoughlin & Dwolatzky 2014; Scott, Yeld & Hendry 2007; Styan 2014).Dandeettiin dubbisuu adeemsa jiruu kee keessatti yeroo hunda guddachaafi dagaagaa kan dhufudha. (Alexander 2005:413).

Bara 1990ta keessa biyyoonni galii gadi aanaa qaban hedduun isaanii kaayyoo Mootummoota gamtoomanii barumsi hundaaf jedhuufi kaayyoo namoonni hundi addunyaa irra jiran barumsi sadarkaa tokkoffaa akka isaan dhaqqabu fudhachuudhaan barnoota sadarkaa 1ffaa waliingahuuf kutannoo isaanii agarsiisanii turan.Haaluma kanaanis, deeggarsa biyyoota dureeyyiifi dhaabbilee deeggarsaa gara garaa irraa argataniin babal'ina manneen barnootaa irratti fooyya'insa guddaa agarsiisanii turani.(Amber Gove and Anna Wetterber 2011). Haa ta'u malee, qulqullina barnootaa ilaalchisee baay'ee akka duubatti hafan

qorannoon gara garaa ni mul'isa. Akka madaallii barnootaa Baankiin Addunyaa bara 2006 G.C gaggeessetti qulqullinni barnootaa harka hedduudhaan babal'ina manneen barnootaa duubatti hafuu isaa agarsiisa. (World Bank: Independent Evaluation Group, 2006). Haaluma walfakkaatuun Mootummoota Gamtoomanitti, Dhaabbanni Barnootaa, Saayinsiifi Aadaa (UNESCO)n dhimmi qulqullinaafi babal'ina barumsaa ilaalchisee ragaa funaaneen kanuma mirkaneessa. Akka fakkeenyaatti biyyi Niikaaraaguwaa jedhamtu hirmaannaa barattootaatiin dhibbeentaa 97 kan geesse yoo ta'u qulqullina barnootaatiin garuu dhibbeentaa 50 gadi jirti. Haaluma walfakkaatuun, biyyi Komboodiyaa jedhamtus hirmaannaa barattootaatiin dhibbeentaa 89 kan geesse yoo ta'u qulqullina barnootaatiin garuu dhibbeentaa 62 gadi jirti. (UNESCO, 2010).

Gara hariiroo qulqullina barumsaafi dandeettii dubbisuutti yoo dhufnu qorannoon dandeettii dubbisuu irratti xiyyeeffate tokkoo akka itti aanutti lafa kaaha. "Teaching young children to reads the cornerstone of improving educational outcomes and has far-reaching implications." Hiikaan isaas, ijoollee xixiqqoo dubbisuu barsiisuun fooyya'insa bu'aa barumsaa fiduudhaaf dhimma bu'uura ta'eefi dhiibbaa gurguddoo kanqabudha.(Amber Gove and Anna Wetterberg, 2011).Qorannichis itti fufuudhaan, yoo daa'imman gara jalqabaatti dubbisuu sirriitti hin bariin dandeettiiwwaniifi beekumsa dubbisuu irratti hundaa'u kam iyyuu argachuu hin danda'ani.Hundaa ol immoo, barnoota gara boodaa itti fufuudhaaf fakkeenya sadarkaa 2$^{ffaa}$ barachuudhaaf hin danda'ani. Rakkoon dadhabbii barnoota isaanii kun immoo kan maddu jalqaba dandeettii dubbisuu gadi bu'aa ta'e irraa yoo ta'u dhiibbaan inni fidu immoo qabxii fokkisaa fiduu, fedhii dhabsiisuu, barnoota addaan kutuufaa ni dabalata.

Dandeettiin dubbisuu barattootaa gaafa daa'immummaa isaanii irraa kaasee hanga umurii isaanii guutuu waliin guddachaa adeema.Yoo barattoonni gara gadiitti dubbisaan dadhabaa ta'aniifi fooyyessaa hin deemne ta'e, gaafa guddatanis rakkoo walfakkaataa qabaachuun dirqama akka ta'e marsariitiin tokko akka armaan gadiitti lafa kaa'a.

Dandeettii dubbisuu cimaa ta'e barattootatti horuun kaayyoo sagantaa barnoota gara jalqabaa isa furtuu ta'edha.Sababni isaa immoo barattoonni jechootaafi waa'ee Addunyaa kanaa baruu kan danda'an karaa dubbisuutiinidha.

Dandeettiin dubbisuu barattootaa gadi bu'aa yoo ta'e dhiibbaan inni barattoota irratti fidu hedduufi baay'ee cimaadha.Dhiibbaaleen kunniinis akka fakkeenyaatti barnoota kaan seeraan akka hin hubanne isaan godha, kaka'umsa hin qabani, akkasumas ofitti amanamummaas hin qabani.Ariitiidhaan dubbisuu danda'uufi haala gahumsa qabuun dubbisuu danda'uun barnoota daree keessatti kennamu sirnaan hordofuuf baay'ee kan isaan fayyaduufi hojii manaa akkasumas qormaata gara garaa hojjechuuf hedduu kan isaan fayyadudha. Dandeettiin dubbisuu barattootaa waliin kan wal qabatan gufuuleen gara garaa ni jiru isaan keessaas akka fakkeenyaatti rakkoo dandeettii afaan barreeffamaa sirnaan sagaleessuu dadhabuu (Issues with decoding), wanta dubbisan hiika isa sirrii hubachuu dadhabuu (Poor comprehension), fi rakkoo ariitiin (Speed) dubbisuu faati.

Dandeettiin dubbisuu uummamaan kan argamu osoo hin taane dandeettii bu'aa barnoota kallattiifi sirna qindaa'aa ta'ee barsiifamu irraa argamudha. Daa'imman qofa osoo hin taane ijoolleen jajjabaatanis dandeettii dubbisuu isaanii cimsachuudhaaf dirqama irra deddeebi'anii dubbisuufi shaakaluudhaan qulqullina olaanaa, ariitiidhaaniifi hubannoodhaan dubbisuu nidanda'uu. (Lyon,G.R. (January/February 2000).

Yeroo baay'ee dandeettiin dubbisuu barattootaa dhimmuma barumsa jedhamuufuu bu'uura waan ta'eef barattoonni kutaa gara gadiitti dandeetticha goonfatanii dhufu jedhamee yaadamuu danda'a.Keessattuu, barattoota barnoota sadarkaa lammaffaa dhaqqaban bira rakkoon akkasii hedduu mul'ata jedhanii namoonni yaadan xiqqaachuu malu.Haa ta'u malee afaanota kam keessattuufi biyyoota gara garaa keessatti, sadarkaafi bal'inni isaa gara gara haa ta'u malee, rakkinichi hinuma jira. Qorannoon bara 1996 maxxanfame tokko akka agarsiisutti Biyya Ameerikaa keessatti mana barumsa sadarkaa 2ffaa lama keessatti qorannoo taasifameen barattoonni rakkoo dandeettii dubbisuu dhabuu akka qaban mirkanaa'eera.

Biyyoota hiyyeeyyii akka Itoophiyaa keessatti immoo sadarkaafi bal'inni rakkinichaa olaanaa akka ta'e hubachuu nama hin rakkisu. Keessattuu, barumsi Afaan Oromootiin kennamuu kan jalqabe dhihoo ta'uu isaa dabalatee meeshaaleen deeggarsa barnootaa hamma barbaachisaa ta'e dhabamuun, barsiisonni tokko tokko immoo ofumaafuu sirnaan dubbisuu dadhabuu, hir'ina xiyyeeffannoo barattoota, maatii barattootaafi mootummaa barumsa sadarkaa 2ffaafi isaa olitti gosti barnoota kaanii Afaan Ingiliffaatiin kennamuufi sababoonni

biroo walitti ida'amanii dandeettii dubbisuu dhabuu barattootaatiif gumaachuu danda'u. Kun immoo barnoota Afaan Oromoo keessattu, Finfinnee keessatti ijoolleen akka dogoggoraan dubbisaniif sababa isa duraati.Haalli jalqabbii barnoota Afaan Oromoo Finfinnee keessatti yeroo dhihoo waan ta'eef, kunis akka ijootti ilaalama.Jalqabbii kanaaf qaamonni adda addaa gahee qabu.Akka fakkeenyaatti, Milkeessaan (2015) Makuriyaa (1997) Wabeeffachuun akka ibsetti qabsoon barattoota Oromoo yunvarsitii Finfinnee Afaan Oromoo dhuunfanillee akka dubatamu hineeyyamamu waan ta'eef, barattoonni murasni waraqaa iccitii kan akka kana beektaa? Jedhamu waliif daddabarsuu jalqaban.Dabalataanis ijoolleen Oromoo barmaatilee yunvarsitii cabsuundhan akka haala fincila imaammata olaantummaa Afaan Amaaraa irratti godhamuutti Afaan Oromoo dubbatan jeechuun ibsa.

Afaan Oromoo magaala Finfinnee keessatti akka hinbaratamneefi hindubbatamne sababni ijoon nijiru.Imaammanni afaanii Bulchiinsa Mootummaa Finfinnee Oromoonni akka magaalattiitti hin deemne yookiin irraa baqatan wantoota godhan keessaa isaa hangafa ta'uu ibsama. Haa ta'u malee qorannoo kana keessatti dandeettii dubbisuu dhabuu yookiin dogoggoraan dubbisuun barattoota qorannichi waan ilaallatuutiif sababni dhugaa maali kan jedhu qorannichaan kan mirkanaa'ee jira.

Kallattiidhaan dhimmicha gara barattoota kutaa 10$^{ffaa}$ tti yoo fidnee ilaalle rakkoolee armaan olitti tuqaman kanaan dabalattatti bakki argamsa mana barumsichaa Magaalaa Finfinnee ta'uun isaafi barattoonni heddumminaan afaan Amaaraatiin haasa'uu, taphachuufi dhagahuun dhiibbaa qabaachuu isaafi hawaasni qorannichaa (research population) akka rakkoo tokkootti heeran jiru.

## 1.2. Ka'umsa Qorannicha

Akka ka'umsaatti,yaadiddamoota dubbisuu waliin walqabatu tokko tokko ilaaluun mirteessadha.Yaadiddamoota dubbisuu waliin walqabatu tokko tokko kan lafa kaawwaman/dagaagfaman garee dubbistoota Ameerikaa (RAND) jedhamuunidha. (RAND Reading Study Group (2002). Kaayyoon garee kanaa tooftaa gara garaa lafa kaahuudhaan dandeettii dubbisuu dagaagsuudha.

Gareen kun dubbisuudhaaf yoo hiika kennan dubbisuu jechuun ‘as the process of simultaneously extracting and constructing meaning through interaction and involvement with written language’ (RAND Reading Study Group 2002:11). Kana jechuunis dubbisuun adeemsa afaan barreeffamaatiin walquunnamuufi walitti dhufuudhaan battala tokkotti ittiin hiikaa adda baasaniifihiika ittiin ijaarratanidha akka jechuuti.Gareen dubbisuu kunis guduunfaa irra kan gahan yoo ta’u guduunfaan isaanisdubbisuun kan ilaallamu/yaadamu wantootni garagaraa walitti dhufuudhaan kan uummamu ta’uu isaati. Wantootni kunniinis nama dubbisa dubbisu, barreeffama dubbifamuufi taateewwan keessatti hubannoon gaggeeffamu faati. Wantootni garagaraa armaan olii sadan kun kan uummaman immoo wanta isa arfaffaa keessattidha. Inni arfaffaa kun immoo haala aadaaf hawaasummaati. Haalli aadaaf hawaasummaa kun immoo nama waa dubbisuun, wanta dubbifamuuniifi taateewwan kan dhiibbbaan irra gahuufi innis dhiibbaa irraan gahudha.

Namni waa dubbisu dandeettii  isaa/ishii sirna dubbisuutti fida/fiddi.Dandeettiin jedhamu kunis xiyyeeffannoo, yaadachuu, dandeettii waa yaaduu (xiinxaluu cimaa, hiikaa isa tokkkoo irraa hiikaa isa biraa hubachuu, sammuu keessatti fakkii wanta tokkoo kaasuu), kaka’umsa (kaayyoo dubbisuu, qabiyyee irratt fedhii qabaachuu, akka dubbisaa tokkootti ofgahaa ta’uu), beekumsa (jechootaafi beekumsa, beekumsa xiinqooqaafi haasawaa, beekumsa tooftaalee waa hubachuu)fi muuxannoowwani.The reader (RAND Reading Study Group 2002:iii)Namni kamiyyuu afaan kamiin illee yoo dubbisu dogoggorri dubbisuu jiraachuu ni mala. Haa ta’u malee rakkoon akkasii kun heddumminaan barattoota irratti ni calaqqisa. Keessattuu barumsa Afaan Oromoo ilaalchisee rakkoon kun heddumminaan mul’ata. Magaalaa Finfinnee keessatti immoo sadarkaan rakkinichaa cimuu danda’a.Rakkoon barattoonni qaban kun immoo heddumminaan barsiisota Afaan Oromootiin barsiisanitti bal’inaafi gadi fageenyaan ni mul’ata. Barsiisonnis rakkoo kana karaalee adda addaatiin arguuf carraa qabu.Fakkeenyaaf yeroo kutaa keessatti gilgaalaafi hojii manaa gara garaa kennanii barattoonni akka dubbisan ajajan, yeroo afaaniin dubbisaniifii akka barreessan ajajan, yeroo gilgaalaafi hojii manaa kana soroorsan dogoggorri mul’atu daran cimaadha.Kun immoo fedhii sadarkaa rakkinichi irra jiru bifa ragaa qabuun qoratamee akka furmaatni barbaadamuuf akka ta’u hedduu nama hawwisiisa yookiin dadammaksa.

Magaalaa Finfinnee keessatti immoo barattoonni barumsa Afaan Oromoo irratti akka haalaan hin xiyyeeffanne rakkooleen godhan waan jiraniif barsiiftonni hedduun quuqama ni qabaatu. Rakkoolee kanneen keessaa barattoonni yeroo kutaadhaan ala ta'e afaan biraa haasa'uudhaan, Afaan Oromoo barumsaaf qofa daree keessatti heddumminaan kan fayyadaman ta'uun hanqina dubbisuu irratti qaban waliin hidhata akka qabu agarsiisa. Kana jechuun dubbisuu irrattis bifuma walfakkaatu jiraachuu mala waan ta'eef barataa meeqatu seeraan Afaan Oromoo dubbisuu danda'a, meeqatu immoo dubbisuu irratti dogoggora qabaachuu danda'a kan jedhu ragaadhaan qulqulleessanii furmaatni gama hundaan akka kennamu gochuudhaaf nama dandeessisa. Kanaafuu, qorannoon kun dogoggora dubbisa barattoonni kutaa $10^{ffaa}$ Mana Barumsa Generaal Taaddasaa Birruu qaban irratti gaggeeffame. Qorannoo kana keessatti gaaffileen deebii argatanis: dogoggorri dubbisuu maal irraa akka maddu yookiin sababni dogoggoraafi rakkoon kanaaf yaadni furmaata maal akka ta 'e adda ba'ee jira. Haaluma kanaan rakkoo qaban kana sakatta'ee adda baasuun yaada furmaataa kaa'uuf jecha gaaffilee armaan gadii deebisuuf qorannoo kana gaggeessera.

1. Dogoggorri barattoonni Afaan Oromoo dubbisuu irratti qaban maal fakkata?
2. Sababoonni barattoonni Afaan Oromoo dubbisuu irratti dogoggoraniif maali?
3. Malli barsiisoonni fayyadamanii barsiisan maal fakkaata?
4. Dogoggorri dubbisuu barattootaa kun haala baruu barsiisuu irratti miidhaa maalii qaba?
5. Rakkoo dogoggora Afaan Oromoo dubbisuu irratti barattoonni qaban attamitti furama?

## 1. 3. Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo bifa lamaan dhiyaata. Isaanis, kaayyoo gooroofi kaayyoo gooreedha.

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa dogoggora barattonni mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu kutaa $10^{ffaa}$ Afaan Oromoo dubbisuurratti qaban xiinxaluudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti:

- Dogoggorri barattoonni Afaan Oromoo dubbisuu irratti qaban adda baasuu.
- Sababa dogoggora barattoonni Afaan Oromoo dubbisuu irratti qaban ibsuu.
- Mala barsiisonni fayyadamanii barsiisan maal akka fakkaatu ifoomsuu,
- Rakkoon dogoggoraan dubbisuu kun haala baruu barsiisuu irratti dhiibbaa akkamii akka fidu ifa gochuu,
- Dogoggora barattoonni Afaan Oromoo dubbisuurratti qaban attamitti akka furamu eeruu.

## 1.4. Barbachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan barbaachiseef wantoota barattoonni Afaan Oromoo seeraan akka hin dubbifne dhiibbaa fidan maal akka ta'an adda baasuufi furmaata ka'uu dha. Akkasumas, sababni dogoggoraan dubbisuu kana adda baasuufidha.

Mana barumsaa kana keessatti barattoota gahumsa qabaniifi dorgomaa ta'an oomishuuf akka gargaaru nu hubachiisa.Gabaabumatti faayidaan qorannoo kanaa akka itti aanu ta'a jedhamee amanama.

- Adeemsa baruu barsiisuu fooyyeessuuf keessumatti Manneen barnoota Afaan Oromoo barsiisan hundaaf akka bu'uuratti ni fayyada.
- Kanneen mataduree kanarratti qorannoo gaggeessaniif akka ka'umsaatti gargaaruu danda'a.
- Barsiisonniifi barattoonni mana barumsa Jeneraal Taaddasaa Birruu waraqaa kana dubbisuun yaadotaafi furmaatawwan rakkinicha irratti dhiyaatetti fayyadamuu danda'u.
- Qophii silabaasii, kitaaba barataafi kitaabilee wabii warreen qopheessaniif mataduree kana irratti akka xiyyeeffataniif karaa agarsiisa.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kutaa barnootaa hundarrattiifi dandeettiiwwan afaanii kaanirrattis osoo gaggeeffamee gaarii ture. Haata'u malee, kana gochuuf yeroo bal'aafi baasii guddaaf nama saaxiluu danda'a. Sababa kanaaf qorannoon kun magaala Finfinnee mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu kutaa 10ffaa bara 2013 A.L.I baratan qofarratti kan daangeffamedha. Kunis,dogoggora dubbisuu Afaan Oromoo barattoota kutaa 10ffaa xiinxaluurratti xiyyeeffata

## 1.6. Hanqina Qorannicha

Qorannoon gaggeeffame kun adeemsaafi bu'aa ba'ii hedduu keessa darbee xumurarra ga'ee jira. Adeemsa kana keessatti wantonni akka hanqinaatti qorattuu mudatan muraasni ni jiru.Tokkoffaa qorannoowwan baay'een mata duree waa'ee Xiinxala dogoggora barattoonni Afaan Oromoo dubbisuu jedhu irraatti kan hojjetamee bal'inaan dhibu.Inni Lammaffaa weerara dhukkuba "COVID-19" akka addunyaafi biyyaa keenyaatti mudateen sababa dhukkuba kanaan manni barumsaa ji'oota hedduuf waan addaan citee tureef akkaata mata duree qorattuu kanaatti immoo barattootaa irratti waan hojjetamuuf argachuun baay'ee yoo ulfaateyyuu tattaaffii qorattuun gooteen qorannoon kun xumurarra ga'ee jira.

## 1.7. Qindoomina Qorannicha

Qorannoon kun boqonnaalee shanitti hiramee qindaa'ee kan dhiyaatedha. Adeemsuma kanaan boqonnaa 1ffaa keessatti seenduubee, ka'umsa, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaafi hanqina qorannichaatu kaa'ame. Boqonnaa 2ffaa keessatti sakatta'a barruu, mata duree adda addaa qorannicha waliin hidhata qabanitu dhiyaate. Boqonnaa 3ffaa keessattimmoo mala iddattoofi iddatteessuu, mala odeeffannoo ittiin funaaname akkasuma, odeeffannoowwan qorannichi ittiin qaaceeffametu dhiyaate. Boqnnaa 4ffaa keessatti odeeffannoo qaacceffametu dhiyaate. Boqonnaa 5ffaa jalatti guduunfaa, argannoofi yaboo dhiyeessuun qorattuun kun qorannoo ishee goolabde.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Sakatta'a barruu qorannoo keessatti barreeffamoota dhimma qorannichaatiin walqabannaa qabanitu dhiyaate. Barreeffamoonni sakatta'a barruu keessatti dhiyaatan dhimma qorannoo sana wajjiin hariiroo cimaa kan qabaniifi yaada qorannichaa akka ragaatti kan cimsan ta'uu qaba. Yaaduma kana kan cimsu akka Yaadasaan (2018:40) barruulee sakatta'uu jechuun barreeffamoota rakkoo qoratamu duuka walsiman kan akka kitaabilee, birroosharii, poostarii, interneetiifi waan kana fakkaatan ni hammata jechuun ibsa.Sakatta'i barruulee kunis yommuu taasifamus haala barreeffamoonni hayyoota gara garaatiin kanaan dura hojjetaman dhimmi mata duree qorannoo kanaa waliin walsimatuun walbira qabameet sakatta'ama. Keessattuu, jalqaba dogoggora dubbisuu ilaaluuf mata dureewwan barbaachisoo ta'an kanneen akka maalummaa dubbisuu, gufuuwwan dubbisuu keessatti nama muudatan, gulantaalee dubbisuu, gosoota dubbisuufi amaloota dubbisuu sakatta'uun dogoggora dubbisuu sirriitti adda baasuufi furmaata lafa kaahuuf waan fayyaduuf dursa dhimmoota akkasiitu sakatta'ama. Kaayyoon isaas, ijoo qorannichaa sirriiitti akka addeessee/ibsee lafa kaahuufidha.

## 2.1. Maalummaa Dubbisuu

Dubbisuu jechuun adeemsa walqunnamtii kan sammuu dubbistootaafi kan barreeffamaa gidduutti gaggeeffamudha. Hiika dubbisuu irratti hayyoonni baay'een yaada walfakkaata kan lafa kaa'an yommuu ta'uu, ibsa qayyabachuu hubachuu, xiinxaluu, qaaccessuufi hiika itti kennuu hojii sammuu ta'uu irratti yaada qabatamaa lafa kaa'aniiru. Dandeetti arfan keessa kamtu irracaalaa rakkisa kan jedhuuf: Mercer (1988:171) akka ibsutti barattoonni afaan dhalootaa isaaniitiin erga dhaggeeffatanii, dubbataanii booda dubbisuufi barreessuu danda'u. Kana jechuun dubbisuun adeemsa walxaxaa ta'uu agarsiisa. Akka Anderson (1985) maalummaa dubbisuu ibsutti "Reading is the process of constructing meaning from written texts. It is a complex skill requiring the coordination of a number of interrelated sources of information". Yaada hayyuu kana irraa akka hubannutti dubbisuu jechuun adeemsa walxaxaa ta'ee, ijaarsa odeeffannoo qinda'aa ergaa gadifageenyaan irraa hubachuu dandeenyudha. Kanaaf dubbisuun hiika kana erga qabaatee haala kamiin yoo shaakalame ijoolleen dogoggora malee dubbisuu danda'u, akkasumas dogoggoraan dubbisuun rakkoo akkamii

qaqqabsiisa? Keessattuu mana barumsaa Afaan Oromoo magaala Finfinnee keessatti ijoolleen Afaan Oromoo yeroo dubbisan sababa maaliif dogoggoru?haala kamiin baratu?, haala kamiin dubbisu, ilaalcha akkamii qabu, maatiin mana barumsaa sunitti barsiifatan ilaalcha akkamii qabu, kan jedhu qorannoo kanaan ilaalame. Dabalataan akka Addunyaan (2010:28fi 29) (Nuttal 1982) wabeeffachuun waa'ee dubbisuu akka ibsutti dubbisuun, ergaa dhiyaate sana muuxannoo ofiitiin walqabasiisuun hiikuu gaafata. Ergaa dubbisicha hiikuun immoo ogummaa gudunfuufi hiikuuu, buusuufi baasuu akkasumas, seecca'uun gaggeeffama.Kana mara caasaa afaanichaatu murteessa.Yaada kanarraa akka hubannutti dogoggora malee dubbisanii hubachuuf muuxannoon walqabsiisuun dirqama.Kana immoo jalqabaa irraa ijoolleen Afaan Oromoo sirriitti hin dubbifne taanaan dubbisuu irratti rakkoo qabu yoo ta'e muuxannoon walqabsiisuu hin danda'ani.Rakkoon akkasii barnoota Afaan Oromoo keessatti qofa osoo hin taane gosa barnoota hunda irratti dhiibbaa guddaa qaba jechuudha. Akka qorannoon Jawaar (2011) ibsutti waa dubbisuuf gosti qubeellee garaagarummaa qabachuun akka rakkoo qabu ni hubatama.

## 2.2. Wantoota Dubbisuurratti Gufuu Ta'an

### 2.2.1. Gosa Qubee

Afaanonni Itoophiyaa keessatti ittin barataman qubeelee Saabaatiifi kan Laatinitin fayyadaman. Qorannoon tun garaagarummaan qubeedhaa dandeettii ijoolleen waa dubbisuuf qabdurratti dhiibbaa qabaachuufi garaagarrummaas fiduu isaa adda baafachuuf yaalteeti jirti.

Ijoolleen qubee Laatinitin baratan gosoota qubee addaan baasurratti warra qubee Sabaatin baratanirra wayyaa ta'uu agarra. Akkuma kanaan ijoollee Afaan Oromootiin barattu keessaa %82.6 gosoota qubee addaan baasanii yoo beekan, kan Afaan Tigreetiin barattu keessaa %73, kan Afaan Amaaraatiin barattu keessaa ammoo %61 qofa tahuudha argina, Jawaar (2011)

Garaagarummaan tuniis tan baay'ina qubee Saabaatirraa kan madde fakkaata. Haa ta'uu malee, ijoolleen Afaan Oromootin barattu, qubee akka gaariitti addaan baafattuus, jechoota qubeelee sun walitti diruudhaan uumaman dubbisuun kan dhibu fakkaata.

Ijoolleen qubee Saabaatin barattu, hammam qubee adda baafatanii baratanuu haa rakkatan malee, takka adda baafannaan jechoota dubbisuufi ijaaruun isaan hin dhibu.Ijoollee qubee Laatinin barattu ammoo erga qubee addan baafatan booda jechoota dubbisuufi ijaaruuf rakkina qabu.Rakkinni kuni maalirraa madde? Hanqina qophiifi dandeettii barsiisaati moo harrina mala ykn tooftaa qubee ittiin barsiifamaa jirtu? Sababni kamuu tahu rakkoo kanaaf furmaata argachuun dirqama taha.Hanquu garayyuun jirtu duuchanii hubannoo ijoollee teenyaa gulantaa irraa eeggamurra gayuu qaba.Jawaar (2011)

Barattoonni dogongora qubee hedduu taasisan leenjii tooftaa ittiin qubee yaaddataniifi dhimmi itti bahan isaan barbaachisa.Cordewener et al., 2015; Paffen & Bosman, 2005). Qorannoo barattoota kutaa 3ffaa biyya Jarmanii irratti gaggeeffame tokko irraa akka hubatamutti barattoonni jechoota ergifannoos ta'ee kan hin ergifamiin sirriitti akka dubbisan ykn barreessan gochuun dura haala itti queebbeessan sirriitti barsiisuun murteessaa ta'uu isaati. Tooftaan barattoonni itti of to'atanii (self-control) fi tooftaa dubbisuu barattoota barsiisuun dhiibbaa gaarii /bu'aa gaarii/ qaba.Bu'aan kunis barattootni qubee odoo hin dogongoriin dubbisuus ta'ee barreessuuf isaan fayyada.Kun immoo argannoo qorannoo Cordewener et al. (2015). Waliin kan wal simatudha. Qorannoowwan biros dubbisuufi barreessuu keessattuu dogongora qubee uumuu irratti hojjetamn baay'een isaanii barattoonni akka dogongora qubee hin uumne ykn hir'iftu gochuudhaaf tarkaanfiin fudhatamuu qabu inni guddaan tooftaa ittiin qubeelee dubbisan ykn qajeelfama walfakkaataa barattootaaf kennuun barbaachisaa akka ta'e lafa kaahu.(Butyniec-Thomas & Woloshyn, 1997; Kernaghan & Woloshyn, 1995; Paffen & Bosman, 2005) hayyoonnii fi qorattoonni biro immoo itti dabaluudhaan rakkoolee akkasii hanbisuudhaaf seera qubeessuu (spelling rules) barsiisuun furmaata ta'uu lafa kaahu. (Butyniec-Thomas & Woloshyn, 1997; Darch et al., 2006; Hilte & Reitsma, 2011; Kemper et al., 2012; Paffen & Bosman, 2005).

Haaluma walfakkaatuun rakkoo dadhabbina/hanqina barattoonni qaban kana hanbisuuf barattoonni wayita dubbisanis ta'ee barreessan of to'achuudhaan sirreeffama garagaraa ofii yoo kennan rakkoolee kana injifachuu akka danda'an qorattoonni biroo ni ibsu. (Grskovic & Belfoire, 1996; McGuffin et al., 1997; McNeish et al., 1992; Morton et al., 1998; Willemen et al., 2000, 2002; Wirtz, Gardner, Weber, & Bullara, 1996). Kun immoo argannoo qorattoonni armaan olii kun qaban waliin sirriitti kan walsimatuufi waltumsudha.

Akka bu'aa qorannoo Paffenfi Bosman (2005) tti barattoonni jechoota tokko tokko dubbisuu ykn qubeessuu hin dandeenyeef leenjiin akka isaan waa yaaddatanii godhu kennamuu fi akka qabu dhaamu.Akkuma qorannoowwan kanaan dura ibsamaniitti Paffenfi Bosman (2005) qubeessuu sirriitti yaaddachuufi hojiirra oolchuu gidduu hidhata guddaatu jira jedhu.Kana jechuun, akka isaan jedhanitti, warri qubeessuu irratti dadhabaa ta'an jecha tokko barruusseen dura waa'ee jecha Sanaa baay'ee itti hin yaadani.Garuu warri sirriitti qubeessuus ta'ee dubbisuu danda'an barreessuun dura waa'ee qubichaa sirrriitti itti yaadu. Itti yaaduun isaanii immoo kan isaan fayyadu jechicha rakkoo malee akka lafa kaahan isaan dandeessisa. Kana jechuun namni akkasii kun dubbisuudhaaf baay'ee hin rakkatu jechuudha. Inumaayyuu, barreessuudhaaf jalqaba sammuu keessatti waan barreeffateef salphaa ta'aaf.

### 2.2.2. Garaagarummaan Sadarkaa Sagaleessuutti

Waa'ee sagaleessuu, Chomsky and Halle (1968:867),"words can be characterized as the minimal forms wich can be pronounced in isolation."Yaadni kun kan ibsu amalli jechoota kan ittiin garaagarummaa sagaleessuu mullisan haala xiqqaa ta'een sagaleessuu akka ta'e hubatama. Kanarraa ka'uun haala garaagaraan sagaleessuun jechoota Afaan Oromoo yookiin loogni adda addaa jiraachuun dogoggoraan dubbisuuf nama akka saaxiluu danda'u qorannoo kana keessatti ilaame.

Walumaagalatti, dogoggora dubbisuun adeemsa baruufi barsiisuu keessatti hubachuu dadhabuun barattootaa mogummaawwan isaan argachuu qaban akka isaan hin gonfanne godha.Kanaafuu, maloota dogoggora dubbisuu barattootaa itti hambisuun danda'amu adda baasanii fayyadamuun barbaachisaadhaafi murteessadha. Dogoggora dubbisuun barattootaa faayidaa kan hin qabne waan ta'eef, barattoonni dogoggora dubbisuu isaanii yeroo yerootti hin fooyyeffanne yoo ta'e akkasumas maloota fooyya'aafi ammayyaa'aa ta'een yoo hin barsiifamiin, dubbisa dubbisan hubachuu, dubbisanii ibsuu, garafuula duraatti beekumsaa haaraa argachuufi ogummaa dabalachuu isaan hin dandeessisu, akkasumas baruu-barsiisuun isaanii akka hin milkoofne godha. Kanaaf, dogoggora dubbisuun barattootaa xiyyeeffannoo guddaa argachuu qaba.Haaluma kanaan, qorattuun qorannoo isheetiin dogoggora dubbisuu barattootaa Mana barumsaa Taaddasaa Birruu kutaa 10$^{ffaa}$ maal akka fakkaatu qorannoon adda baasuu yaalteetti.

Akka Dassaalenyi (2019) lafa kaahetti sababa dogoggoraa irratti ka'u Fergus (1983:3) yoo ibsu, "We have poor study habits and we are careless. We miss pronunce words, we fail to enunciate clearly, we do not use our eyes and ears to discriminate. We may add or omit syllables"jedha. Akka yaada waraabame kanaatti, haalli namoonni itti qo'atan laafaa ta'uu, dhibaa'ummaan barreessuu, yoo jechicha barreessan bifa dogoggoraan sagaleessuu (dubbisuu)fi ijaafi gurra keenya fayyadamnee waan qubeeffamu sana gargar baasaa adeemuu dhiisuudha. Dabalees, qubee yookiin birsaga itti dabaluu yookiin irraa hir'isuun dogoggora qubeessuu kanaaf madda akka ta'anitti kaa'a.Qabxiileen ka'an kunneen Afaan Oromoo keessatti yoo ilaalaman iddoo guddaa qabaachuu danda'u. Sababiin isaa, Afaan Oromoo keessatti qubeen tokko itti dabalamuu yookiin irraa hir'achuun yoo dubbisan hiika jecha sanaa jijjiiruu, kallattii tajaajilaa jijjiiruu yookiin hiika dhabsiisuu waan danda`uufidha.

## 2.3. Gulantaalee Dubbisuu

Dubbisuun gulantaalee adda addaa qaba. Isaanis: gulantaa dubbisaan duraa, gulantaa yeroo dubbisuufi gulantaa dubbisaan boodaati.Williams (1996:38). Haa ta'uutii gaaruu namni (Mathew Lynch, 2019)jedhamu tokko gulantaaleewwan kana bakka shanitti adda qoqqooda. Isaanis warra lafa bahan/guddattoota haaraa umurii ji'a 6 hanga waggaa 6 kan ta'an. (the emergent pre reader), dubbistoota haaraa waggaa 6 hanga 7 gidduu ta'an (novice readers), dubbisanii hubachuu warra jalqaban waggaa 7-9 (decoding reader), dubbisa qulqulleessee dubbisuufi kan waa qayyabatu waggaa 9-15 (fluent, compherending reader)fi gulantaan inni dhumaa dubbistoota hayyuu/beektota (expert reader) ta'anbwaggaa 16fi isaa ol ta'aniin kan raawwatamu ta'ee wantoota barreeffaman hunda kan dubbisanii hubachuu dandaa'anidha.

Kaayyoo dubbisuu inni guddaan barattoonni ergaa barreeffama tokkoo akka hubatan taasisuuf maloota garaa garaa fayyadamuun bu'aa qabeessa ta'a.Tooftaalee jiran hojiirra oolchuuf immoo karaa salphaa filachuun gaariidha.Haaluma kanan barreessitoonni sadarkaalee dubbisuu bakka garaagaraatti qoodaniiru. Williams (1996:38) "For effective reading in the classroom, the lesson should be divided into three consecutive phases. They are pre reading, while-reading and post-reading phases."jedha. Akka hayyuun kun jedhutti gulantaaleen dubbisuu sadi ta'uu ibsa. Gulantaalee kanneen keessatti gochaalee adda addaatu raawwatama.Isaanis akka itti anutti tarreeffamanii jiru.

### 2.3.1. Gulaantaa Dubbisuun Duraa

Barattoonni dandeetti dubbisuufi barreessuu isaanii dagaagfachuu (gabbifachuu) kan qaban, osoo mana baruumsa idilee (kutaa 1ffaa) hin galle dura osoo ta'ee filatamaa dha. Ijoolleen dandeetti dubbisuufi barreessuu isaanii dagaagfachuu irratti, carraaqiin isaan maxxansaafi kitaabota garagaraa dubbisuudhaan muuxannoon argatan, milkaa'ina fuulduree isaaniitiif baay'ee murteessaa dha.Sababni isaas, barattoonni kunniin yeroo wantoota dubbisuufi barressuu shaakalan, haala dubbii, namuusa dhaggeeffachuu, boca, sagaleefi tartiiba qubeelee waan sirriitti barataniif barnoota isaanii sadarkaa itti aanuuf bu'uura ta'a.Barattoonni ida'uu, hir'isuu, baay'isuufi hiruu osoo hin baratin dura, yaadrimeewwaan lakkoofsotaa, maalummaa herreegaafi akkataa qayyabannoo sasalphaa irraa gara isa walxaxaatti cehuun danda'amu irratti hubannoo gahaa argatu.Kun immoo barumsa isaanii sadarkaa 1ffaafi isaa olitii dorgomaafi gahuumsa qabeessa akka ta'an isaan gargaara.(Save the Children, 2017)

Ijoolleen barnoota idilee ogummaa herrega qayyabachuun shaakalan dandeettiiwwaan herreegaa barnoota idilee dura baratamuu qaban kanneen akka haalawwan itti lakkoofsota qooduun danda'amu, maalummaa lakkofsota bu'uuraa, lakkoofsota lakkaa'uu, ji'oomeetiriiwwaan sasalphaa kan akka bocaafi piroobileemota garagaraa furuu shaakalu.(Save the Children, 2017)

Haata'u malee, deeggarsi barattoonni barnoota idilee dura ogummaa qayyabannaa bu'uura herreguu, dandeetti dubbisuufi barreessuu isaanii dagaagfachuuf tattaaffiin godhan laafaa dha.Yeroo ammaa kannatti daa'imman miliyoon 250tti tilmaamaman erga baruumsa isaaniitiin kutaa 4ffaa gahanii booda barreessuufi dubbisuu shaakalaa jiru. Rakkoowwaan armaan olitti ibsaman kana furuuf Dhaabbatni Baraarsa daa'immani (Save the Children) karoora isaa kan bara 2012-2018 A.L.A.tti turu baafate keessatti daa'imman osoo mana baruumsa idilee hin galin dandeettii qayyabannaa, dubbisuufi barreessuu isaanii akka fooyyeffatan gochuuf xiyyeeffannoon hojjetaa jira. Dhabbatni Baraarsa Daa'immanii iddoo baruumsa mijataa uumuun daa'imman yaaddoo nageenyaafi fayyaa tokko malee tasgabbiin baruumsa isaanii akka hordofan gochaa jira.

Akkasumas, Dhaabbanni Baraarsa Daa'immanii tooftaalee baruufi barsiisuu irratti bu'aa barbaadamu fiduun danda'an hojiirra oolchuudhaan daa'imman barnootaafi jireenya isaaniitiin milkaa'oo akka ta'an tooftaalee (maloota) gargaraa bocuudhaan hojiirra oolchaa jira. Barnoota idileen duraafi Qayyabannaa herregaa (Save the Children, 2017)

Barsiisaan barattoonni isaa dubbisuuf fedhii akka qabaataniif kaka'umsa keessa isaanitti uumee yaada isaanii gara waan dubbiffamuutti harkisuu qaba. Kana malees, beekumsaafi muuxannoo duraan qaban gara dubbisichaatti akka fidaniif kan haala mijeeessudha. Williams (1996) akka ibsetti, Gulantaan dubbisuun duraa daree keessatti dubbisuuf bu'a qabeessa.Sababni isaas dubbisaan xiyyeeffannoon akka dubbisuufi akka irratti mari'atu taasisa.Yaanni kunis, gochi dubbisa duraa baruu barsiisuu keessatti baaay'ee barbaachisaa akka ta'edha. Sababni isaas qophii sammuu barattootaaa dadammaqsuun dubbisa dubbisuuf jiraniif odeeffannoo barsiisaarraa argachuufis ta'e walii isaaniin waliin marii taasisaniin kaka'umsa kan argatanidha. Kanaaf, barsiisaan akka barattoonni dogoggoraan hin dubbifneef malli itti gargaaramnee dubbisuu shaakalchiisu murteessaadha.Kun immoo barattoonni jechoota akka seeran dubbisuuf gargaara.

### 2.3.2. Gulantaa Yeroo Dubbisaa

Gulantaa kana keessatti hojiin dubbisuu kan hojiirra ooludha. Jechoota dubbisa keessatti dhiyaatan dogoggora malee dubbisuun yeroo barataarraa eegamuudha. Sababni isaas jechoota laafu jabeessuu, kan gababbatu immoo dheeressuun dubbisnaan ergaa yaadame hubachun ni rakkisa. Nuttall (1982: 158), akka ibsutti "The sourtof guidance that can be provided while the reading Process is actually going on will be largely determined by the sort of class organization you prepare."Jetti. Sadarkaan kun sadarkaa hubannoo argamsiisuuf murteessaa ta'e dha. Sadarkaa kanatti wantoota godhamu utuu dubbifnuu maal akka yaadnu barreessaa deemuu, yaada ijoo barreessaa addaan baasuu, Sababa barreessaan barreeffama sana barreessuuf kaka'e tilmaamaa deemu, barreeffamni sun dubbiftoota akkamiitiif akka barreeffame hubachuu yaaluu, ilaalcha barreessaan mata duree sanaaf qabu hubachuu, yaadni barreessaa akkamitti akka babal'ate ilaalaa dubbisna. Kanaaf barattoonni dogoggoraan akka hin dubbifne xiyyeeffannoo guddaa argachuu qaba.

### 2.3.3. Gulantaa Dubbisuun Boodaa

Gulantaan kun yaadni waliigalaa kan keessatti tilmaammamudha. Akkasumas, barreeffamni barreessaa tokko kan keessatti qeeqamudha. Nuttall (1982: 164) akka ibsetti “When the detailed work is over, global understanding must be attended to and the text as whole evaluated and responded to" jedha.

Sadarkaa kanatti barattootni qabiyyee wanta dubbifame sana irra deebiin yeroo itti ilaalanidha. Kun immoo barreeffama dogoggora malee dubbisuu akka qabnu nu hubachiisa. Walumaagalatti barattootni wanta dubbisan sana haala keessa jiraniin walqabsiisuun hubannoo argatu, erga dubbisuun raawwatee booda hubannoo waliigala waa'ee wanta dubbisan yerootti madaalaniifi gaaffilee tokko tokkoof yeroo deebii itti laatan ta'uu isaafi sadarkaa baay’ee barbaachisaadha.

## 2.4.Tarsiimoolee Dubbisuu

Gosoota dubbisuu kallattii gara garaatiin ykn ulaagaalee adda addaa irratti hundoofnee qoqqooduu ni dandeenya. Haala fedhii dubbisaan tokko bu’uura godhatee dubbisuun yoo ilaalle bakka gurguddaa shanitti qooduu ni dandeenya. Akka barreessaan Ingiliz Joseph Addison jedhutti akkuma shaakalli qaamaaf ta’u sammuudhaaf immoo dubbisatu ta’a jedha.Kana jechuun isaa dubbisni heddumminaan dhimmi sammuu waliin hidhata guddaa qabu ta’uu isaati.Namoonni sababa gara garaatiif ni dubbisu fakkeenyaaf yeroodhuma dabarsuuf, gaaffii sammuu keessaa qabaniif deebii barbaaduuf, ykn immoo sammuu isaanii qulqulleessuudhaaf dubbisuu ni danda’u. Kaayyoon namoonni dubbisan kun kanuma fedhe illee yoo ta’e immoo dhuma irratti sammuu kee shaakalchiisuudhaan haala nama waliin ittiin waliigaltee fooyyeffachuun bu’aa waliigalaa isa guddaa dubbisuun namaaf argamsiisudha.

Gara qorannoo kanaattis yoo fidne, barattoonni dandeettii dubbisuu isaanii cimsachuu barbaachisaa waan ta’eef gosa dubbisuu gara garaa kanatti dhimmi bahuudhaan bu’aa dubbisuun dhala namaatiif argamsiisu fiduun dirqama itti ta’a. Kaayyoo namootaa irratti hundaa’ee gosa dubbisa shanan tokko lafa kaahuun ni danda’ama.

Isaanis bal'inaan dubbisuu (extensive reading), xiyyeeffannoon dubbisuu (intensive reading), ariifannaa/saffisaan / dubbisuu (scanning reading), irra keessa dubbisuu (skimming reading)fi xiinxalaa dubbisuu (critical reading) faati. (Harappa Diaries, 2020) bal'inni xiinxala gosa dubbisuu kanaa akka armaan gadiitti kan dhihaatu yoo ta'u kan fudhatames wabii (Harappa Diaries, 2020) jedhamu irraati. Isa shanaffaa malee barreessaan biraas ni mirkaneessa. (Karl McDonald, 2012)

### 2.4.1. Bal'inaan dubbisuun (Extensive reading)

Gosti dubbisuu inni bal'inaan dubbisuu kun namoota kaayyoo bashannanaafi gammachuuf jecha barreeffamoota gara garaa dubbisantu dhimma itti baha. Gosti dubbisa akkasii kun dubbisaa irratti dhiibbaa gara garaa homaatuu hin fidu sababani isaa immoo kaayyoo nama dubbisu Sanaa gammachuuf waan ta'eef suuta jedhee bal'inaan dubbisa. Yoo barreeffamoonni dubbifaman kun bashannansiisoo hin taane yeroo baay'ee gosti dubbisa kanaa hojii irra hin oolu. Qorannoo kana waliinis yoo walqabsiifne daa'immummaa irraa kaasanii hanga dullumaatti gosti dubbisaa kun baay'ee murteessaadha. Fakkeenyaaf, yoo bara daa'immummaafi kutaa gara gadii barattoonni barruulee bashannansiisoo ta'an kanneen akka asoosamootaa, gaazexaa, barreeffamoota daa'immaniifi kanneen biroo yoo dubbisuu shaakalan, dogoggorri dubbisuu isaan agarsiisan salphumatti hafuu danda'a. Hundaa ol immoo dubbisni akkasii kun hiikkaa jechootaa haallan garagaraa keessatti uummamuu danda'an waan nutti agarsiisaniif daa'imman sirriitti odoo dhimmi itti bahanii dogoggora qubee salphumatu hanbisu.

### 2.4.2. Xiyyeeffannoon /gadifageenyaan dubbisuu (Intensive reading)

Gosti dubbisa kanaa immoo yeroo kaayyoon dubbisaa bashannanuuf osoo hin taane itti yaadee, itti dhiphatee, gadi fageenyaan ergaa barreeffama dubbifamu Sanaa qabachuu/qayyabachuu barbaade kan hojii irra ooludha. Haala dubbisa kana keessatti dubbisaan jechoota barreeffama sana keessa jiru mara gatiifi xiyyeeffannoo gahaa kenneefi dubbisa. Haala dubbisa akkasii kana keessatti dubbisaan kun ergaa jechoota tokkoon tokkoon isaanii sirriitti hubatu malee bira hin darbu. Haaluma kana keessatti yoo jechi haaraan yookiin ergaan haaraan wayii illee jiraate gatii itti kennee waan dubbisuuf dhaamsa isaa guutuu baree darba.

Qorannoo kana waliinis yoo walqabsiifnee ilaalle barattoonni yeroo kitaabilee barnootaa dubbisan gosa dubbisaa kanatti dhimmi bahuu danda'u.Yoo gosa dubbisaa kanatti dhimma bahan kaayyeffataniifi xiyyeeffatanii wanti isaan hojjetan ergaa tokkoon tokkoon barreeffamichaafi jechoota achi keessatti argamaniiti.Kun immoo akka isaan jechoota tokkoon tokkoon wajjin walbaran waan godhuuf dandeettii dubbisuu barattootaa hedduu cimsuuf murteessaadha.Barattoota ciccimoo yoo fakkeenya fudhanne irra deddeebiinfi gadi fageenyaan waan kitaabbilee isaanii dubbisaa oolaniif, yeroo barreessanis ta'ee dubbisan jechi sun maal akka ta'e fakkii isaa sammuu keessaa qabu.Kanaafuu dogoggorri isaan uuman hin jiru yookiin murtaa'aadha.Ergaan dubbisaan gosa dubbisaa kana irraa argatu illee yeroo dheeraadhaaf sammuu keessatti kuufamee turuu danda'a.

### 2.4.3. Saffisaan Dubbisuu (Scanning Reading)

Gosti dubbisa saffisaan dubbisuu jedhamu kun kan hojii irra oolu yeroo kaayyoon nama waa dubbisuu kun ariitiidhaan odeeffannoo ofiif fedhu argachuuf yaalii godhudha. Dubbisaan kun waan barbaadu ni beeka, kanaafuu yeroo dubbisu ariitiidhaan dubbisuu irrattis dabalatee irrra u'utaaluudhaan hammajecha yookiin ergaa barbaadu sun bira gahutti fiigaa deema. Fakkeenyaaf, namni mata duree sirriitti beeku tokko keessaa wanta kana dura irraanfate yoo jiraate, yookiin ergaa wayii irratti yoo nama waliin walfalme saffisaan barreeffamicha gadi baasee irra u'utaalaa hamma ergaa barbaadu argatutti itti fufa. Heddumminaan kun qorattootaafi warra waa barreessaniin hojiirra bal'inaan kan ooludha. Haa ta'u malee barattootaafis haalli inni itti hojii irra oolu ni jira. Fakkeenyaaf barataan qormaataaf qophaahaa bahee gaafa qormaataa sun wanta irraanfata mirkaneeffachuuf yaalii godha taanaan dafee kitaaba baasee, mata duree fedhu dafee barbaadee, bo'oo barreeffamaa keessa fiffiigee ergaa fedhu sun mirkaneeffachuun kan baratamedha. Kanaafuu dhimmi kun kaayyoo qorannoo kana waliin walqabata.

### 2.4.4. Irra keessa dubbisuu (Skimming)

Gosa dubbisaa kanaatti dhimmi bahuudhaaf kaayyoon nama dubbisu sunii yoo barreeffama dubbifamu sana gabaabumatti odeeffannoo tokko tokko gabaabsee argachuu fedhedha. Gosa dubbisa kanaatti dhimmi kan baatu yoo barreeffama bal'aa tokko yeroo muraasa keessatti ergaa isaa baruu barbaaddedha.

Fakkeenyaa, namni kitaaba bituu barbaadu tokko kitaabni kun ergaa akka miifaa dabalate laata jedhee irruma keessa mata duree irraa kaasee hanga xumura/guduunfaatti daqiiquma shan keessatti carraa itti dubbisu jechuudha. Haaluma kanaan namni dubbisu kun gabaabbinaan kitaabni inni bite maal maal akka haammate nama biraatiifuu dabarsee himuu ni danda'a. Qabiyyeen barreeffama tokkoo gaariidha moo gaarii miti, akka ati feetuuti moo mitikan jedhu murteessuuf dhimmi ittti bahuu ni dandeessa. Fakkeenya biraa gaazexaa ganama ganama maxxanfamee rabsamu bituuf yoo feete dura odeeffannoo ati eegdu of irraa qaba moo hin qabu kan jedhu murteessuuf dhimmi itti bahuu ni dandeessa. Faayidaan isaa inni guddaan kan biraa yeroo qusachuudha. Kana immoo qorannoo kana waliin yoo walbira qabnee ilaalle barattoonni mana kitaabaa seenanii kitaaba kam dubbisuu akka barbaadan murteesffachuuf hedduu isaan fayyada. Fakkeenyaaf, hojii manaa barsiisaan kenne hojjechuuf kitaabota mata duree walfakkaataa qaban hedduu keessaa isa kamtu irra gaaffii kootti siqa kan jedhu irruma daddarbanii ilaaluudhaaniifi dubbisuudhaan murteessuu ni danda'u. Haa ta'u malee duraan dursanii barattootni kun dandeettii dubbisuu qabaachuun dirqama itti ta'a. Yoo dandeettii dubbisuu sirrii hin qabaatiin ariitii dhiisaatii suuta illee dubbisuun rakkisaa waan ta'uuf jechaadha.

### 2.4.5. Xiinxalaan dubbisuu (Critical reading)

Gosa dubbisa kanaa hojii irra oolchuudhaaf kaayyoon dubbisaa Sanaa wantoota garagaraa barreeffaman dubbisuudhaan, bitaa mirga isaanii hubachuudhaan, xiinxaluudhaan, ergaa isaan kallattii garagaraatiin mul'isuu danda'an hunda adda baafachuudhaan dhugummaa yookiin soba ta'uu barreeffamichaa yookiin ergaa isaa mirkaneeffachuudhaaf kan dubbisu yoo ta'edha. Gosa dubbisa kanaa yeroo dubbiiwwan walxaxaa ta'an miidiyaalee hawaasaa irratti barreeffaman, beeksisa walfalmisiisaa ta'e dubbisan, ogeeyyiin seeraafi kan fayyaafaa dhimma itti bahuu danda'u. Barattoonnis yeroo kitaabbilee barnootaafi barreeffamoota deeggarsaa garagaraa dubbisan sirriitti dhimmi itti bahuu danda'ani.

Akkuma armaan olitti ilaalle kana gosootni dubbisa garagaraa kun bu'aafi kaayyoon isaanii garaagara ta'uu danda'a. Haa ta'u malee dubbisaan filannoo isaa beekee hojiirra oolchuudhaan dandeettiifi amala dubbisuu cimsachuu qaba.

Dandeettiiwwan dubbisuu kana yoo cimsatte immoo dandeettii barreessuufi dubbachuu goonfachuun kee daran cimaa deema.(Harappa Diaries, 2020)

Gama biraatiin immoo dubbisuun sagalee dhageessisuufi dhiisuu irratti hundaa'ee bakka lamatti qoodama.Gosoonni dubbisuu kaayyoofi sababa dubbisuu irratti hundaa'uun bakka lamatti qoodamu.Yaada kana kan cimsu, akka Geetachoon (2009) jedhutti "dubbisuun gosoota lama qaba. Isaanis: Dubbisa sagalee kan jedhamu, sagalee ol kaasanii akka dhaggeeffattootatti dhaga'amutti dubbisuufi dubbisa callisaa kan jedhamu immoo osoo sagalee hin dhageesisiin dubbisa gaggeeffamudha". Kaayyoo qodinsaa kanarratti hundaa'uun mala itti dogoggora malee ijoolleen dubbisuu danda'an barsiisaan qabu qorannoo kana keessatti deebii argateera.

## 2.5. Amaloota Dubbisuu Gaarii

Dubbisaa gaariin barataas haa ta'u barsiisaa barreeffama dhiyaate dogoggora tokko malee sababa yookiin kaayyoodhaaf dubbisa.Adeemsi inni ittiin dubbisuus dandeettiiwwan xixiqqoo waltaasisuudhaan dammaqinaan dubbisee dhaamsa barreeffaamaa argata. Yeroo hunda dubbisuu waan shaakaluuf dandeettii dubbisuu isaa salphaatti fooyyeffata. Barreeffama duubbisu keessatti jechoota haala galumsa isaanitiin hubata. Dubbisuun hojii dhuunfaafi callisaan adeemsisamu akka ta'e waan beekuuf tooftaa kana haalaan fayyadama.

Adeemsi dubbisuu isaas jecha jechaan osoo hintaane hariiroo jechootaafi himootaa barreeffama keessa jiran xiinxalaa dubbisa; qabxii bira ga'erraa ka'ee kan itti aanu timaamaa dubbisa. Yaada barreeffamichaa muuxannoo haala qabatamaatiin walqabsiisee hubata.

## 2.6. Yaadiddama Qorannoo

Qorannoon tokko yommuu gaggeeffamu yaadiddama garaa garaa bu'ureffachu danda'a. Haaluma kanaan qorannoon kunis, yaadiddama dubbisuu keessaa walsimsiisaa bu'uura godhachuun gaggeeffame. Yaadiddama walsimsiisaan rakkoo yaadiddamni gubbaa gadiifi yaadiddama dakaa olii qaban fooyyeessuudhaan lamaan isaanii walsimsiisa (Misgaanuu 2011).

Kanaaf, dogoggora barattoonni dubbisuu irratti mul'isan kanaaf haalli itti jechoota dubbisan akkasumas, ergaan dubbisa suni sammuu dubbisaa keessa jiraachuu yookiin muuxannoo duraa walsimsiisuufi dhiisuu dabalee immoo ergaa dubbisnu dubbisarra jiraachuu isaafi dhiisuu isaa waan nu hubachiisuufidha. Walumagalatti barattoonni dandeettii dubbisuu gonfachuuf yaadiddamoota lameen irratti xiyyeeffachuun barsiisonni akka shaakalchiisan gochuun barbaachisaadha.

## 2.7. Sakatta'a Barruulee Walfakkii

Qorannoowwan Afaan Oromootiin dhimma kana ilaalchisee gaggeeffaman muraasadha. Haa ta'u malee barreeffamoonni biroo biyya keessaafi biyya alaa dhimmi kallattiin walfakkaatus ta'uu baatu kan walitti siiqu ni jira. Sakatta'a barruu walfakkii fakkeenyaaf yoo ilaallee qorannoon Kuulanii (2018) kaayyoon isaa barattoonni Afaan Oromoo akka Afaan jalqabattiifi Afaan lammaffaa baratan dubbisanii akkamiin hubannoo cimsatu kan jedhu yoo ta'u, kan Geetachoo immoo (2018) kaayyoon qorannoo isaa dandeettii dubbisuu barnoota Afaan Oromoo haala itti baratan qaaccessuudha. Qorannoon kun immoo kaayyoon isaa barattoonni jechoota dogoggoraan akka dubbisan maaltu sababa ta'e kan jedhu qaaccessuudha. Garaagarummaan isaan qaban qorannoon Kuulanii kan irratti xiyyeeffate barattoonni akkamiin dubbisanii hubatu kan jedhu yoo ta'u, kan Geetaachoo immoo barattoonni dandeettii dubbisuu haala itti baratan qaacessuudha. Qorannoo kana garuu adda kan taasisu maddi dogoggoraan Afaan Oromoo dubbisuu barattootaa maal akka ta'e adda baasuu dha.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO

Tooftaan qorannoon tokko itti gaggeeffamu qulqullinaafi qabatamummaa firii qorannoof utubaadha. Adeemsahojiirra oolmaa isaarratti gochaalee ilaalchaafi haalawwan mul'atan sakatta'uudhaan rakkoolee mul'atanis, furmaata kennamuu qabu agarsiisuuf mala odeeffannoo kanneen bu'uura ta'anitti fayyadamuun gaggeeffame.Qorattuun mataduree filatte kana maloota qorannoo jiran keessaa qorannicha galmaan naaf gaha jettee kan amante filatte. Haluma kanaan mata duree kanaaf qorattuun bargaaffii, sakkatta'a barruu, afgaaffiifi daawwannaa fayyadamtee odeeffannoo funaanuun haaluma kanaanis meeshaalee kanneen hiika qorannichaaf kennuu jettee yaadde, mala qorannoo walmakaa jechuun mala qorannoo lakkoofsaa yookiin hammamtaa (quantitative)fi akkamtaa (qualitative)tti fayyadamuun qorannicha gaggeessite.

## 3.1. Saaxaxa Qorannoo

Qorannoon tokko kan gaggeeffamuuf kaayyoo mataasaa qaba. Kaayyoon qorannoo kanaas xiinxala dogoggora dubbisuurratti barattoonni mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu kutaa $10^{ffaa}$qaban qaaccessuudha.Galma ga'insa kaayyoo qorannoo kanaaf, qorattuun gosa qorannoo walmakaa fayyadamte.Sababni mala qorannoo walmakaa filatteef jechaafi lakkoofsaan hiikni waan kennameefidha.Odeeffannoo argames, ragaan deeggaramee qaacceffamee jira.Kanaaf, qoraannoon kun mala qorannoo lamaan kan raawwaatame gosa qorannoo makaati.Qorannoon kun ragaalee funaannaman irratti hundaa'uun, waan dalagameef qorannoo ibsaa yookiin addeessaatti kan gargaaramedha. Akkasumas, qorannoon ammamtaa ragaalee karaa afgaaffiifi bargaaffii mala lakkoofsaa fayyadamuun kan xinxalamedha.

## 3.2. Madda Ragaalee

Qorannoo kana keessatti madda odeeffannoo sadarkaa 1ffaafi 2ffaatti dhimma bahame. Madda odeeffannoo sadarkaa 1ffaa keessaa afgaaffiifi bargaaffii qorattuun to'atutti dhimma bahuudhaan barattoota 56, barsiistota Afaan Oromoo barsiisanii afur , Maatii barattootaa 10,Waajjira barnoota magaala Finfinnee nama tokkofi waldaa barsiiftotaa irraa nama tokko, irraa ragaan funaannameera.

Madda ragaa sadarkaa 2ffaaimmoo barruulee garaagaraa, kitaabilee, qorannoowwan, gaazexaa, marsariitiifi gabaasa adda adda mana barumsaa irraa funaaname.

## 3.3. Iddattoofi Iddatteessuu

### 3.3.1. Irraawwatamaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan irratti gaggeeffame barattoota kutaa 10ffaa mana barumsa Jeneraal Taaddasaa Birruurrati. Barattoota hunda irratti qorannicha gaggeessuun waan hin danda'amneef mala iddattootti dhimma bahame. Haaluma kanaan, barattoota kanneen keessaa barattoota kutaa 10ffaa daree "A" fi "B"baratan 56 qofatu qorannoo kana keessatti haammatame. Kanaafuu, hawaasni qorannoo kanaa barattoota kutaa 10ffaa keessa jiran keessaa barattoota 56 qofarratti qorannichi gaggeeffame. Sababni itti manni barumsa Jeneraal Taaddasaa Birruu filatameef qorattuun kun mana barumsaa kanatti barsiiftuu waan taateef rakkoo barattoonni gama dubbisuutiin qaban hubachuu waan dandeesseefidha. Mana barumsaa kana keessa kutaan Afaan Oromootiin kennamu oolmaa daa'immanii irraa eegalee hanga kutaa 11ffaatti ta'u illee qorannoo kana keessatti kan irratti xiyyeeffatame qoratamu barattoota kutaa 10ffaa qofadha ture. Kutaa 10ffaan kunis daree hedduu qabaatu illee isaan keessaa daree lama jechuun daree"A" fi "B" qofatu qorannoo kana keessatti haammatame ture. Sababni itti barattoonni dareewwan kana lamaanii filatamaniif qorattuun kun barattoota daree kana lamaan iyyuu barsiiftee waan beektuuf ulfaatina rakkinicha hubachuu dandeessee jirti. Lammaffaa immoo, barsiiftonni biraa yoo waa'ee barattoota kanneen haasa'an rakkoon isaan dubbisuu irratti qaban walfakkaataa waan ta'eef daree kam iyyuu yoo fudhanne dogoggora dubbisuu ilaalchisee garaagarummaa guddaa waan hin qabneefidha.

### 3.3.2. Mala Iddattoo Barataa

Mala iddattoo jiran keessaa iddattoon carraa tasaa fayyadamuun barattoonni madda ragaa ta'an adda bahaniiru. Kun kan barbaachiseef yeroofi qabeenya keenya bu'uureffannee yoo bal'ina qorannichaa ilaalle hawaasa qorannichaa barattoota kutaa 10$^{ffaa}$mana barumsa Jeneraal Taaddasaa Birruu kana hunda irratti qorannoo gaggeessuun qulqullina qorannichaa irratti dhiibbaa hamaa waan qabuuf iddattoo barattoota 56 qofatu qorannoo kana keessatti hirmaate.

Barattoota kutaa 10$^{ffaa}$ qorannoo kanaaf adda ba'an 90 keessaa dhibbeentaan yoo keenye %62 irratti gaggeeffame. Malli kun kan filatameef loogii hir'isuuf waan dandeessisiisuufi. Yoo malleen biroo kanneen akka itti yaadamee filatamuutti dhimma baane loogii uumuu waan danda'uufidha.

Barattoota 56 filachuudhaaf immoo mala iddattoo carraa tasaa kana fayyadamuudhaan barattoonni kunneen filataman kunis,kan ta'e carraa barreeffama"miseensa iddattoo" jedhu baay'ina 56 qopheessuudhaan akkasumas, carraa barreeffama "miti miseensa iddattoo" jedhuu 34 qopheessuudhaan walumatti carraa 90 barattoota 90f qooduudhaan barattoota qorannoo keessatti hirmaatan adda baafaman.

### 3.3. 3. Mala Iddattoo Barsiisaa

Qorannoo kana keessatti barattootaan alatti ragaan funaanamee qindaa'es keessatti haammatameera. Ragaan kunis kan funaanname barsiisonni akka madda ragatti fudhataman barsiisota Afaan Oromoo kutaa 10$^{ffaa}$ barsiisanidha.Toftaan barsiisonni kun itti fudhatamanis Iddettoo miticarraa keessaa mala akkaayyootti gargaarameera. Iddetteessuun kun qorataan yookiin qorattuun tokko beekumsa dhimmicharratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u murteessuu ilaallata Berge (2001). Kanaaf, dhimma qorannoo kanaa ilaalchisee qorattittiin odeeffannoo barbaachisu argachuu danda'a jette waan yaaddeef, barsiisota gosa barnoota Afaan Oromoo yeroo ammaa barsiisaa jiran aantee waan qabaniif barsiisota Afaan Oromoo mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadrkaa 2$^{ffaa}$ afur akkuma jirannitti fudhatte.

### 3.3.4. Mala Iddattoo Maatii Barattootaafi Qaamolee Biroo

Qorannoo kana keessatti maatii barattootaa 10, waajjira barnoota magaala Finfinnee nama tokkoofi waldaa barsiistotaa irraa nama tokko irraa ragaan funaanname ture. Namoonni kunis, mala iddattoo akkaayyoo fayyadamuudhaan adda baafame. Malli kun kan filatameef immoo dhimma sababa rakkoo siyaasdiingadee, hawaasummaafi rakkoolee biroo qulqullina barnoota Afaan Oromoo waliin walqabatan ilaalchisee namoota beekumsaafi muuxannoo akkasumas, itti gaafatamummaa qaban itti yaaduudhaan adda baasuun waan barbaachiseefidha. Maatii barattootaa ilaachisee mala iddattoo akkaayyoo hojii irra kan oole yoo ta'u , maatii barattoota 56 keessaa maatii barattoota dogongora olaanaa fidan Shanan jalqabaafi kan fooyyee qaban shanan kaayyoodhaan filatame. Kunis kan fayyaduuf, warri dogoggoran maaliif akka ta'e hubachuufi warri hin dogoggorre yookiin xiqqoo dogoggoran maaliif akka ta'e hubachuudhaan furmaata lafa kaahuuf nama dandeessisiisa waan ta'eefidha.

## 3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaa

Qorannoon kun kan gaggeeffame odeeffannoo murteessaa funaanuun yoo ta'u, tooftaan ittiin ragaaleen kun itti funaannaman immoo bargaaffii, afgaaffii, sakatta'a barruutiinifi daawwachuudhaan ture. Ragaan kun kan funaannames barattoota mana barumsaa kana, maatii barattootaa keessa namoota 10, barsiiftota Afaan Oromoo namoota afur ,Waajjira Barnoota Finfinnee tokko fi waldaa barsiiftota magaalaa Finfinnee keessaa nama tokko irraa ragaan funaannameera.

### 3.4.1 Bargaaffii

Bargaaffiin kan dhiyaateef barattoota qorannoo kana keessatti haammatamaniifidha. Kunis,

bargaaffii gosa lamatti dhimma bahame.Tokkoffaan bifa filannoo fi bakka duwwaatiin yoo ta'u inni lammaffaan immoo keeyyata dubbisiisuudhaan ture.

Gaaffilee bargaaffii kan qopheessiteef barattootaa irraa ragaa ittiin argachuuf kan qophaahe ture. Barattoonnis sodaa tokko malee akka dubbisanii yaada isaanii bilisummaan ibsataniiru kunis yaanni qopha'eef akka galma gahu ta'ee jira.

Gaaffileen dhiyaatanis kanneen rakkoolee jiran irratti xiyyeeffatan ta’ee kan ragaalee barbaachisaa ta’an kennuu dandaa’an, sirriitti akka hubatan godhamee erga hubatanii booda miiraafi amantaa dhuunfaa isaanii irratti hundaa’anii bargaafficha kan guutan turan, kan hin galleefis akka gaafatan godhamee waan tureef akka isaan xiyyeeffannaa laatanii, yaada dogoggoraa irraas bilisa ta’anii, bargaaffii isaaniif dhihaate kana guutan kanaafis haalli mijaawaan uummammee ragaan barbaachisu argamuu danda'eera.

### 3.4.2 Afgaaffii

Afgaaffiin kan dhiyaateef ,barsiistotaa mana barumsicha jiran keessaa barsiistota Afaan Oromoo jiran keessa namoota afur maatii barattootaa namoota 10,Waajjira Barnoota Finfinnee tokko fi waldaa barsiistota magaalaa Finfinnee irraa nama tokko irraati. Qorannoo kana keessatti kan haammatame dogoggora barattoonni qubee laafaa, jabaataa, dheeraafi gabaabaa dubbisuu irratti qaban qofa ture. Innis dogoggora barattoonni Afaan Oromoo dubbisuu dadhabuu maal akka fakkaatu itti dhiheenyaan waan beekaniif odeeffannoo dabalataa akka kennaniif itti yaadamee yookiinn ta’e jedhamee kan filatame ture.

### 3.4.3. Daawwannaa

Qorattuun qorannoo kana yeroo baruufi barsiisuu wayitii Afaan Oromoo waa’ee dandeettii dubbisuu barsiifamu gaggeeffamu yeroo barsiisonni daree seenanii barsiisan cheeklistii qopheeffatterratti hunda'uun dareetti argamtee rakkoo barattoonni dogoggora dubbisuu Afaan Oromoo kana irratti qaban baruuf guyyaa lama daree “A” guyyaa lama biroo immoo daree “B” gaaffiilee qopheeffatte irratti hundaa’uun daawwannaa gaggeessuun odeeffannoo dabalataa barbaadamu ture mala kanaan funaannattee jirti.

## 3.5. Mala Xiinxala Ragaalee

Qorannoo kana gaggeessuudhaaf dandeettii dubbisuu barataa madaaluun handhuura qorannichaati ture.Kana gochuuf immoo tooftaa gara garaatti dhimma bahuun murteessaa dha.

Haaluma kanaan, qorannoo kana keessatti dandeettii dubbisuu Afaan Oromoo barattootaa qoruuf bargaaffii keeyyata tokko yookiin hanga jechoota 100 kan of keessaa qabu qopheessuudhaan barattoonni dhuunfaa dhuunfaadhaan akka dubbisan gochuun barbaachisaadha ture. Yeroo isaan dubbisnutti akka hin jeeqamneefi hin sodaanne sagalee waraabduudhaan gidduu gidduutti osoo addaan hin kukkutuun waraabamee ture.Barataan tokko daqiiqaa Shan keessatti keeyyata dubbise kan fixu yoo ta'u dubbisuu isaatiin/isheetiin dura garuu daqiiqaa lamaaf ibsi kennamaa ture. Ragaa kana qindeessanii xiinxaluudhaaf immoo tokkoon tokkoon ragaa waraabbamee gara barreeffamaatti jijjiiruudhaan dhaggeeffachuudhaan dogoggora jiru adda baasuuf daqiiqaa 10 barbaachise.Kan barattoota 56 adda baasuudhaaf immoo daqiiqaa 560 yookiin sa'aatii sagal fi daqiiqaa 34hanga sa'aatii 10 fudhatee ture. Guyyaa tokkotti sa'aatii sadi fayyadame walumatti sa'aatii 10 fayyadamuudhaaf guyyoottan sadi filatte. Rakkoolee adda bahan kana xiinxaluudhaaf immoo guyyaa 10 qorattuutti fudhatee ture.

Ragaa afgaaffiidhaan funaanname immoo qindeessuufi xiinxaluudhaaf tooftaan dhimma itti bahame ragaa sagalee waraabduudhaan jiru gara barreeffamaatti jijjiirramee, tokkoon tokkoon isaa kaayyoowwan qorannichaa waliin walbira qabamee xiinxalame jira. Dhuma irratti ragaan madda odeeffannoo sadarkaa lammaffaa irraa argames, ragaalee bargaaffiifi afgaaffii irraa argame waliin walbira qabamee akkaataa barbaachisummaa isaatti qindaa'ee xiinxalamee.

# BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE

Boqonnaa kana keessatti odeeffannoo qorannoo madda adda addaarraa mala adda addaatiin walitti qabaame qaacceessuufi hiikuudha. Haaluma kana irraa ka'uudhaan, ragaalee barattootaa, barsiisotaafi qaamota biroorraa funannaman haala barbaachiisa ta'een qaaccessuun kan dhiyaatedha. Jalqabarratti ragaan bargaaffiin walitti qabame qaaccessuun ragaalee meeshaalee biroon walitti qabamanii qaacceffaman walbira qabuun kan mirkaneeffamedha.

Qorannoon kunis, dogoggora dubbisuu barattootaa irratti kan xiyyeeffatedha. Innis, barattoonni dubbisa isaanii kenname keessaa hangam akka dogoggora dubbisaan adda baafachuuf, barreeffama kenname sirriitti hindubbifne taanaan dhaggeeffattoonni dubbisicha hordofan sun ergaa dogoggoraa akka qabaatan taasisa, barreeffama kenname kanas, dogoggoraan akka dubbisan qaaccessi ragichaa mul'iseera. Qaaccessa ragaalee irraa odeeffannoo argames akka armaan gadiitti kan dhiyaatu ta'a.

## 4.1. Qaacessa Bargaaffii Barattootaa

### 4.1.1. Qaaccessa Ragaalee Bargaaffii Dubbisa Barattootaaf Dhiyaaterraa Bu'aa Argame:

Odeeffannoon dubbisa baratoottaaf dhiyaate kana irraa argame akkaataa armaan gadiitti kan dhiyaate dha. Barattoonni baayyeen barreeffama dubbisaaf isaanii dhihaate irratti sagalee Afaan Oromoo dheeraa, gabaabaa, jabaa, laafaa, irra butaafi walmakaa sirriitti adda baasanii dubbisuun akka isaan rakkisu akkasumas, dogoggoraan dubbisuun isaanii adda baasuun danda'ameera. Xiinxallii ragaalee kunis akka itti aanutti qindaa'eera.

Jechoota sagaleewwan Afaan Oromoo jabaataa of keessaa qaban kan akka " bitta'' jedhu "bitaa/bita", "lammii''jedhu "lamii", "biyyaa'' jedhu "biyaa/biya", "dhiibbaa" jedhu "dhibaa/dhiiba", "itti" jedhu "iti", "tokkummaa" jedhu "tokummaa/tokkumaa/ tokkumma", "adda" jedhu "ada", "Dhiibbaan" jedhu "Dhiibaan/dhibbaan", "jallannu" jedhu "jaalannuu" akkasumas jecha "waakkatuu" jedhu "waakattuu" jechuun dubbisan.

Kun kan nutti agarsiisu barattoonni kutaa 10ffaa "A"fi "B" Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa 2ffaa keessa jiran keessaa garri caalaan isaanii dubbisa isaaniif kenname jechoota qubee Afaan Oromoo sagalee jabaataa ofkeessaa qaban dogoggoraan akka dubbisan nutti agarsiisa.

Jechoota qubeewwan Afaan Oromoo laafaa of keessaa qaban kan akka "yeroo" jedhu "yerroo", "jala" jedhu "jalla", "gaafa" jedhu "gaaffa", "caalaa" jedhu "caallaa", "gufuu" jedhu "guffuu", "cuubame" jedhu "cuubbame", akkasumas "isaa" jedhu "issaa" jechuun dubbisan. Kun kan nutti agarsiisu barattoonni kutaa 10ffaa "A"fi "B" Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa 2ffaa keessa jiran keessaa garri caalaan isaanii dubbisa isaaniif kenname jechoota qubee Afaan Oromoo sagalee laafaa ofkeessaa qaban dogoggoraan akka dubbisan agarsiisa.

Jechoota qubeewwan Afaan Oromoo sagalee dheeraa of keessaa qaban kan akka "xiiqii" jedhu "xiqii", "uumuu" jedhu "uumu", "baanee" jedhu "baannee", "caalaa" jedhu "caallaa", akkasumas jecha "yoomuu" jedhu "yoommu" jechuun dubbisan. Kun kan nutti agarsiisu barattoonni kutaa 10ffaa "A"fi "B" Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa 2ffaa keessa jiran keessaa garri caalaan isaanii dubbisa isaaniif kenname jechoota qubee Afaan Oromoo sagalee dheeraa ofkeessaa qaban dogoggoraan akka dubbisan nutti agarsiisa.

Jechoota sagalee Afaan Oromoo gabaabaa of keessaa qaban kan akka "amana" jedhu "amanaa", "gahu" jedhu "gaahu", "qaba" jedhu "qaaba", "Wanti" jedhu "Wantii", "qabna" jedhu "qaabna" akkasumas jecha "kana" jedhu "kanaa" jechuun dubbisaniiru. Kun kan nutti agarsiisu barattoonni kutaa 10ffaa"A"fi "B" Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa 2ffaa keessa jiran keessaa garri caalaan isaanii dubbisa isaaniif kenname jechoota qubee Afaan Oromoo sagalee gabaabaa ofkeessaa qaban dogoggoraan akka dubbisan nutti agarsiisa.

Jechoota sagalee Afaan Oromoo jechoota walmakaa of keessaa qaban kan akka " yeroo" jedhu "yeeroo", "gaafa" jedhu "gaafaa", "gufuu" jedhu "guufuu", "uuman" jedhu "uumaan", akkasumas' jecha "hiree" jedhu "hirree" jechuun dubbisaniiru.

Kun kan nutti agarsiisu barattoonni kutaa 10ffaa "A"fi "B" Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa 2ffaakeessa jiran keessaa garri caalaan isaanii dubbisa isaaniif kenname jechoota sagalee afaan Oromoo sagalee walmakaa ofkeessaa qaban dogoggoraan akka dubbisan nutti agarsiisa.

Jechoota sagalee Afaan Oromoo jechoota irraa buta of keessaa qaban, "dadhabne" kan jedhu "dadhabiine" jecha "qabnu" jedhu "qabbinuu" jedha "wanti" jedhu "waniti", "waaniitii".jecha "sabni" "sabinii" "sabiini", jecha "amantii", "amanitii", "amaniitii", jecha "ilaalchi" jedhu "ilaalichi" jedhanii dogoggora dubbisan. Kun kan nutti agarsiisu barattoonni kutaa 10ffaa "A"fi "B" mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa 2ffaa keessa jiran garri caalaan isaanii dubbisa isaaniif kenname jechoota qubee Afaan Oromoo sagalee irra buta of keessa qaban dogoggoraan akka dubbisan nutti agarsiisa.

Guduunfaa barattoonni kutaa 10ffaa"A"fi "B" Mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu keessatti argaman baayyeen barreeffama akka dubbisaniif isaaniif dhihaate irratti qubeewwan afaan Oromoo dheeraa, gabaabaa, jabaa, laafaa, irra buta akkasumas jechoota sagalee walmakaa ofkeessaa qaban sirriitti adda baasanii dubbisuun akka isaan dhibuufi dogoggoraan dubbisuu isaanii qorannoo kanaan adda baasuun danda'ameera. kunis akka madda "3 common reading problems for students, Read and spell blog, *https*;//www. readandspell. com/us/ common-reading-problems" ibsutti dandeettiin dubbisuu barattootaa waliin kan wal qabatan gufuuwwan garagaraa ni jiru. Isaan keessaas akka fakkenyaati rakkoo dandeettii afaan barreeffamaa sirnaan sagaleessuu dadhabuu (Issues with decoding), wanta dubbisan hiika isa sirrii hubachuu dadhabuu (poor comprehension)fi rakkoo ariitiin (speed) dubbisuu jedhu wajjin walitti dhufeenya qaba.

### 4.1.2. Qaaccessa Bargaaffii Barattootaa Gaaffii Filannoo irraa Argame.

Kaayyoon bargaaffii kanaa sagantaa barnoota Afaan Oromootti haalawwan barattootni Afaan Oromoo dubbisuu irratti dogoggora fidan beekuuf kan dhiyaate dha.

Gabatee1: Qaaccessa baragaaffii barattoota gaaffii 1ffaa

Hiikaajecha"baayyee"jedhu abkka bu'u adda baasuuf barattoota gaafataman keessaa:

| | **Filannoo** | **Kan deebii kennan** | **%** |
|---|---|---|---|
| A | Heduu | 14 | 25 |
| B | Hedduu | 12 | 21.4 |
| C | Heeduu | 3 | 5.4 |
| D | Hedu | 15 | 26.8 |
| E | Heedduu | 12 | 21.4 |
| **Ida'ama** | | **56** | **100** |

Akka gabatee armaan olii irratti ibsametti barattoota gaafataman keessaa kan hiikaa jecha baayyee jedhu bakka bu'u adda baasuuf gaafatteef barattoonni akka armaan gadiitti deebisaniiru. Barattoonni, 14(%25) heduu, 12(% 21.4) hedduu, 3(5.4), heeduu, 15(%26.8) hedu fi 12(%21.4) heedduu jechuun deebisaniiru. Kun kan nutti agarsiisu barattoonni kutaa 10ffaa "A" fi "B" Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa 2ffaa qorannoo kana keessatti hirmaatan keessaa dhibbeentaan Toorbatamii Saddeet tuqaa ja'a (%78.6) hiikaa jecha "baayyee" dubbisani filachuuf isaaniif kenname dogoggora akka filatan agarsiisa.

Gabatee 2**:** Qaaccessa baragaaffii barattoota gaaffii 2ffaa

Tolaan kaleessa_____deemee sangaa gurraacha bite. Kan jedhuuf bakka duwwaa kana galuu jecha danda'uuf barattoota yoo gaafattu, akka gabatee armaan gadiitti deebii kennaniiru.

| | **Filannoo** | **Kan deebii kennan** | **%** |
|---|---|---|---|
| A | Gaabaa | 10 | 17.9 |
| B | Gabbaa | 5 | 8.9 |
| C | Gabba | 17 | 30.3 |
| D | Gabaa | 16 | 28.6 |
| E | Gaba | 8 | 14.3 |
| **Ida'ama** | | **56** | **100** |

Akka gabatee armaan olii irraa hubannutti hirmaattonni qorannichaas deebii isaanii kennaniiru. Barattoonni, 10 (% 17.9) gaabaa, 5(%8.9) gabbaa, 17(%30.3) gabba, 16(%28.6) gabaa, fi 8 (% 14.3) gaba jedhanii deebisaniiru.

Kun kan nutti agarsiisu barattoonni kutaa 10ffaa "A" fi "B" Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa 2ffaa qorannoo kana keessatti hirmaatan keessaa dhibbeentaan torbaatamii tokkoofi tuqaa afur (%71.4) ta'an deebii gaabaa, gabbaa, gabba, akkasumas gaba jedhanii filachuun gaaffii isaaniif kenname dogoggora akka deebisan agarsiisa.

Gabatee3**:** Qaaccessa baragaaffii barattoota gaaffii 3ffaa
Sanyiifi Soolaneen boru Finfinnee_____. Kan jedhuuf barattoota gaafatteef deebii isaanii akka armaan gadiiti.

| | **Filannoo** | **Kan deebii kennan** | **%** |
|---|---|---|---|
| A | Deemuu | 6 | 10.2 |
| B | Demu | 14 | 25 |
| C | Demmu | 16 | 28.7 |
| D | Deeman | 7 | 12.5 |
| E | Deemu | 13 | 23.2 |
| **Ida'ama** | | **56** | **100** |

Akka gabatee armaan olii irraa hubannutti kanneen gaafatamankeessaa, 6(%10.2) deemuu, 14(%25) demu, 16(%28.7) demmu, 7(%12.5) deeman, fi 13(%23.2) deemu jedhanii deebisan. Kun kan nutti agarsiisu barattoonni kutaa 10ffaa "A" fi "B" Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa 2ffaa qorannoo kana keessatti hirmaatan keessaa dhibbeentaan Toorbatamii ja'a tuqaa saddeet (%76.8) ta'an jecha sirrii bakka duwwaa kanatti galee hima kana mirkaneessu danda'u dubbisani filachuu isaaniif kenname dogoggora akka filatan agarsiisa.

Gabatee 4**:** Qaaccessa baragaaffii barattoota gaaffii 4ffaa

Akka ebeluun sirbaan morma nama _____ jecha galuuf yeroo barattoota gaafattu deebii akka armaan gadiitti deebii kennaniiru

| | **Filannoo** | **Kan deebii kennan** | **%** |
|---|---|---|---|
| A | Jaliisa | 15 | 26.8 |
| B | Jaallisa | 10 | 17.8 |
| C | Jallisa | 14 | 25 |
| D | Jalisa | 17 | 30.4 |
| **Ida'ama** | | **56** | **100** |

Akka gabatee armaan olii irraa hubannutti kanneen gaafataman keessaa, 15(%26.8) jaliisa, 10(%17.8) jallisa, 14(%25) jaallisa, fi 17(%30.4) jalisa jedhanii deebisan. Barattoonni shantamii ja'a(56) qorattuun gaaffii kana gaafatte keessaa dhibbeentaan (%17.8) qofatu deebii sirrii deebise. Barattoonni (%75) ta'an garuu deebii dogoggoraa deebisan. Kun kan nutti agarsiisu barattoonni kutaa 10ffaa "A" fi "B" Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa 2ffaa qorannoo kana keessatti hirmaatan keessaa dhibbeentaan Toorbatamii Shan (%75) ta'an jecha sirrii bakka duwwaa kanatti galee hima kana mirkaneessu danda'u dubbisani filachuu isaaniif kenname dogoggora akka filatan agarsiisa.

Gabatee 5: Qaaccessa baragaaffii barattoota gaaffii 5ffaa

Sagalee gabaabaafi_____yeroo adda baasnu dubbachiiftuu irratti hundoofna. Jecha baka duwwaa kana bu'uuf deebii barattoonni kennan:

| | **Filannoo** | **Kan deebii kennan** | **%** |
|---|---|---|---|
| A | Dheraa | 11 | 19.6 |
| B | Dheera | 9 | 16.1 |
| C | Dheerraa | 5 | 8.9 |
| D | Dheeraa | 12 | 21.4 |
| E | Dhera | 9 | 16.1 |
| F | deebii hin qabu | 10 | 17.9 |
| | **Ida'ama** | **56** | **100** |

Akka gabatee armaan olii irraa hubannutti kanneen gaafataman keessaa, 11(%19.6) dheraa, 9(%16.1) dheera, 5(%8.9) dheerraa, 12(%21.4) dheeraa, 9(%16.1) dhera, fi 10(%17.9) deebii hin qabu jedhanii deebisan.Barattoota shantamii Ja'a(56) qorattuun gaaffii kana gaafatte keessaa dhibbeentaa (%21.4) qofatu deebii sirrii deebise.Barattoonni dhibbeentaa (%78.6) ta'an garuu deebii dogoggoraa deebisan. Kun kan nutti agarsiisu barattoonni kutaa $10^{ffaa}$ "A" fi "B" Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa $2^{ffaa}$ qorannoo kana keessatti hirmaatan keessaa dhibbeentaa Toorbatamii Saddeet tuqaa ja'a (%78.6) ta'an jecha sirrii bakka duwwaa kanatti galee hima kana mirkaneessu danda'u dubbisani filachuu isaaniif kenname dogoggora akka filatan agarsiisa.

Gabatee 6**:** Qaaccessa baragaaffii barattoota gaaffii $6^{ffaa}$
"_____fi furguggee gad jalaa jedhanii dabarfatu ''jechuun mammaka Oromoon. Jecha bakka duwwaa bu'uuf barattoonni deebii kennanii:

| | **Filannoo** | **Kan deebii kennan** | **%** |
|---|---|---|---|
| A | Bara | 12 | 21.4 |
| B | Barraa | 9 | 16.1 |
| C | Baraa | 12 | 21.4 |
| D | Baaraa | 13 | 23.2 |
| E | Hunda | 10 | 17.9 |
| | **Ida'ama** | **56** | **100** |

Akka gabatee armaan olii irraa hubannutti barattoota gaafataman keessaa, 12(%21.4) bara, 9(%16.1) barraa, 12(%21.4) baraa, 13(%23.2) baaraa, fi 10(%17.9) hunda jedhanii deebisan. Barattoota 56 qorattuun gaaffii kana gaafatte keessaa dhibbeentaa (%21.4) qofatu deebii sirrii deebise. Barattoonnidhibbeetaa (%78.6) ta'an garuu deebii dogoggoraa deebisan. Kun kan nutti agarsiisu barattoonni kutaa $10^{ffaa}$ "A" fi "B" Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa $2^{ffaa}$ qorannoo kana keessatti hirmaatan keessaa dhibbeentaa Toorbatamii Ja'a tuqaa ja'a (%78.6) ta'an jecha sirrii bakka duwwaa kanatti galee hima kana mirkaneessu danda'u dubbisani filachuu isaaniif kenname keessaa dogoggora akka filatan agarsiisa.

Gabatee 7**:** Qaaccessa baragaaffii barattoota gaaffii 7ffaa

Uummanni Oromoo sirna _____ bula. Jecha bakka duwwaa bu'uuf barattoonni deebii kennaniin:

| **Filannoo** | **Kan deebii kennan** | **%** |
|---|---|---|
| Gaddan | 13 | 23.2 |
| Gadan | 14 | 25 |
| Gaadaan | 16 | 28.6 |
| Gadaan | 13 | 23.2 |
| **Ida'ama** | **56** | **100** |

Akka gabatee armaan olii irraa hubannutti kanneen gaafataman keessaa, 13(%23.2) gaddan, 14(%25) gadan, 16(%28.6) gaadaan, fi 13(%23.2) gadaan jedhanii deebisan. Barattoota shantamii ja'a (56) qorattuun gaaffii kana gaafatte keessaa dhibbeentaan (%23.2) qofatu deebii sirrii deebise. Barattoonnidhibbeentaa (%76.8) ta'an garuu deebii dogoggora deebisan. Kun kan nutti agarsiisu barattoonni kutaa 10ffaa "A" fi "B" Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa 2ffaa qorannoo kana keessatti hirmaatan keessaa dhibbeentaa Toorbatamii Ja'a tuqaa Saddeet (%76.8) ta'an jecha sirrii bakka duwwaa kanatti galee hima kana mirkaneessu danda'u dubbisani filachuu isaaniif kenname keessaa dogoggora akka filatan agarsiisa.

Gabatee 8**:** Qaaccessa baragaaffii barattoota gaaffii 8ffaa

Uummata Oromoo biratti nyaanni _____beekamaadha. Jecha kanaaf barattoonni deebii deebiisan akka itti aanuta'a.

| **Filannoo** | **Kan deebii kennan** | **%** |
|---|---|---|
| Addaa | 11 | 19.6 |
| Aadaa | 14 | 25 |
| Adaa | 16 | 28.6 |
| Aada | 15 | 26.8 |
| **Ida'ama** | **56** | **100** |

Akka gabatee armaan olii irraa hubannutti kanneen gaafataman akka armaan gadiitti deebii kennan keessaa, 11(%19.6) addaa, 14(%25) aadaa, 16(%28.6) adaa, fi 15(%26.8) aada jedhanii deebisan. Barattoota shantamii Ja'a (56) qorattuun gaaffii kana gaafatte keessaa dhibbeentaa (%25) qofatu deebii sirrii deebise. Barattoonnidhibbeentaa (%75) ta'an garuu deebii dogoggora deebisan. Kun kan nutti agarsiisu barattoonni kutaa 10ffaa "A" fi "B" Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa 2ffaa qorannoo kana keessatti hirmaatan keessaa dhibbeentaa Toorbatamii Shan (%75) ta'an jecha sirrii bakka duwwaa kanatti galee hima kana mirkaneessu danda'u dubbisani filachuu isaaniif kenname keessaa dogoggora akka filatan agarsiisa.

Gabatee 9**:** Qaaccessa baragaaffii barattoota gaaffii 9ffaa
Dandeettiwwan dubbisuufi_____keessaa kamtu cimaadha?Jecha bakka duwwaa bu'uf barattoonni deebii kennaniin:

| **Filannoo** | **Kan deebii kennan** | **%** |
|---|---|---|
| Barreessuu | 13 | 23.2 |
| Barressuu | 15 | 26.8 |
| Bareessuu | 11 | 19.6 |
| Barreesuu | 17 | 30.4 |
| **Ida'ama** | **56** | **100** |

Akka gabatee armaan olii irraa hubannutti kanneen gaafataman keessaa, 13(%23.2) barressuu, 15(%26.8) barreessuu, 11(%19.6) bareessuu, fi 17(%30.4) barreesuu jedhanii deebisan.Barattoota shantamii Ja'a (56) qorattuun gaaffii kana gaafatte keessaa dhibbeentaa (%23.2) qofatu deebii sirrii deebise. Barattoonni dhibbeentaa (%76.8) ta'an garuu deebii dogoggora deebisan. Kun kan nutti agarsiisu barattoonni kutaa 10ffaa "A" fi "B" Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa 2ffaa qorannoo kana keessatti hirmaatan keessaa dhibbeentaa Torbaatamii Sadii tuqaa lama (%73.2) ta'an jecha sirrii bakka duwwaa kanatti galee hima kana mirkaneessu danda'u dubbisani filachuu isaaniif kenname keessaa dogoggora akka filatan agarsiisa.

Gabatee 10**:** Qaaccessa baragaaffii barattoota gaaffii 10ffaa

Muka_____ caalu Odaa teessoo jaarsaa. Jecha bakka duwwaa bu'uuf barattoonni deebii kennaniin:

| **Filannoo** | **Kan deebii kennan** | **%** |
|---|---|---|
| Mukka | 18 | 32 |
| Muuka | 19 | 34 |
| Muukaa | 7 | 13 |
| Muka | 12 | 21 |
| **Ida'ama** | **56** | **100** |

Akka gabatee armaan olii irraa hubannutti kanneen gaafataman keessaa, 18(%32) mukka, 19(%34) muuka, 7(%13) muukaa, fi 12(%21) muka jedhanii deebisan.Hirmaattota shantamii Ja'a (56) qorattuun gaaffii kana gaafatterf, keessaa dhibbeentaa (%21) qofatu deebii sirrii deebise. Hirmaattonni dhibbeentaa (%79) ta'an garuu deebii dogoggoraa deebisan. Kun kan nutti agarsiisu barattoonni kutaa 10ffaa "A" fi "B" Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa 2ffaa qorannoo kana keessatti hirmaatan keessaa dhibbeentaa Toorbatamii Sagal (%79) ta'an jecha sirrii bakka duwwaa kanatti galee hima kana mirkaneessu danda'u dubbisani filachuu isaaniif kenname keessaa dogoggora akka filatan agarsiisa.

## 4.3. Bu'aa Afgaaffii Barsiisotarraa Argame Akka Armaan Gadiitti Dhihaate

Raawwii dura barsiisota Afaan Oromoo barsiisaniif afgaaffii dhiyaate. Barsiisota kaayyoon afgaaffii kanaa kutaa keessatti barnoota Afaan Oromoo irratti dogoggora dubbisuu irratti barattoonni qaban beekuufidha.

Gaaffii 1ffaa qorattuun, Dogoggoraan dubbisuu Afaan Oromoo barattoonni uuman furuuf hangam hirmaatta? jettee barsiisota Afaan Oromoo barsiisan afur(4) gaafattee keessaa, 1(%25) Yeroo hunda nan hirmaanna, 2(%50) Yeroo tokko tokko nan hirmaadha fi 1(%25) torbee torbeen nan hirmaadha jedhanii deebisan.

Hirmaattota afur (4) qorattuun "Dogoggoraan dubbisuu Afaan Oromoo barattoonni uuman furuuf hangam hirmaatta?" jettee barsiisota Afaan Oromoo barsiisan gaafatteef dhibbeentaa (%75) Yeroo tokko tokko akkasumas torbee torbeen nan hirmaadha jedhanii deebisan. Kun kan nutti agarsiisu dogoggora dubbisuu Afaan Oromoo barattoonni uumaniif hirmaannaan barsiisota Afaan Oromoo Mana Barumsa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa $2^{ffaa}$ qorannoo kana keessatti hirmaatan gahee akka qaban mul'isa.

Gaaffii $2^{ffaa}$ qorattuun, Hirmaannaa barattootaa cimsuuf carraaqiin gootu maali? jettee barsiisota Afaan Oromoo barsiisan afur(4) gaafattee keessaa, 1(%25) akka hirmaatan mirga nan kennaaf , 0(%0) nan dirqisiisaan, 2(%50) al tokko tokko nan jajjabeessa akkasumas, 1(%25) barattoota hirmaannaa gaarii qaban nan jaalladha jedhanii deebisan. Hirmaattota afur (4) qorattuun " Hirmaannaa barattootaa cimsuuf carraaqiin gootu maali?"jettee barsiisota Afaan Oromoo barsiisan gaafatteef dhibbeentaa (%75) al tokko tokko nan jajjabeessa akkasumas, barattoota hirmaannaa gaarii qaban nan jaalladha jedhanii deebisan. Kun kan nutti agarsiisu dogoggora dubbisuu Afaan Oromoo barattoonni uumaniif hirmaannaan barsiisonni Afaan Oromoo Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa $2^{ffaa}$ qorannoo kana keessatti hirmaatan gahee akka qaban mul'isa.

Gaaffii $3^{ffaa}$ qorattuun, Ilaalcha barattootni Afaan Oromoo dubbisuu irratti qaban maal fakkaata? jettee barsiisota Afaan Oromoo barsiisan afur(4) gaafattee keessaa, 0(%0) barattootni hundi ilaalcha walfakkaataa qabu, 2(%50) barattootni hundi ilaalcha wal fakkaataa hin qabani, 1(%25) fedhii barachuu ni qabu akkasumas 1(%25) barattootni ittiin barachuu isaaniif ni gammadu jedhanii deebisan. Hirmaattota afur (4) qorattuun ''Ilaalcha barattootni Afaan Oromoo dubbisuu irratti qaban maal fakkaata? " jettee barsiisota Afaan Oromoo barsiisan gaafatteef dhibbeentaa (%50) barattootni hundi ilaalcha wal fakkaataa hin qabani jedhanii deebisan. Kun kan nutti agarsiisu dogoggora dubbisuu Afaan Oromoo barattoonni uumaniif, barattoonni Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa $2^{ffaa}$ ilaalcha wal fakkaataa akka hin qabne mul'isa.

Gaaffii 4ffaa qorattuun,Barattoonni isin barsiiftan hirmaannaan isaan dubbisuuf,gaaffii gaafachuufi deebisuuf qaban maal fakkaata ?jettee barsiisota Afaan Oromoo barsiisan afur(4) gaafattee keessaa,2(%50) gidduugaleessadha,2(%50) xiqqaadha jedhanii deebisan. Hirmaattota afur (4) qorattuun ‘’ Barattoonni isin barsiiftan hirmaannaan isaan dubbisuuf, gaaffii gaafachuufi deebisuuf qaban maal fakkaata? ” jettee barsiisota Afaan Oromoo barsiisan gaafatteef dhibbeentaa (%50)gGidduugaleessadha akkasumas dhibbantaaaaa (%50) Xiqqaadha jedhanii deebisan. Kun kan nutti agarsiisu dogoggora dubbisuu Afaan Oromoo barattoonni uumaniif hirmaannaan barattoota Afaan Oromoo Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa 2ffaa kutaa 10ffaa “A” fi “B” gadi aanaa akka ta’e mul’isa. Akka maddi qorannoo, “Reading and spelling difficulties in high school students; causes and consequences. Reading and writing; An Interdisciplinary Journal,8, 267-294 ( June 1996)

http;//www.researchgate.net/publication/225968300” jedhu ibsutti biyya Ameerikaa keessatti mana barumsa sadarkaa 2ffaa lama keessatti qorannoo taasifameen barattoonni rakkoo dandeettii dubbisuu dhabuu akka qaban mirkanaa’eera kunis ragaa qorannoo kana irraa argame wajjin walitti dhufeenya qaba.Sababni dogoggora isaan uuman jalqaba irraa shakaluu dhabuu isaanii agarsiisa.Kun immoo rakkoo dubbisuu dadhabuu yookiin dogoggoraan dubbisuuf isaan saaxila.

Gaaffii 5ffaa qorattuun, "Barattoonni Afaan Oromoo dogoggoraan dubbisan baay’eedha ? yoo ta’e sababni isaa maali? "jettee gaafatteef barsiistonni qorannoo kana keessatti hirmaatan akka armaan gadiitti deebisaniiru. Barsiisonni kunneen akka sababaatti kan kaasan:

> *“Akkaatadhuma karikuleemiin Afaan Oromooitti hojjetamettu rakkoo qaba, hunda caalaa garuu, rakkoon barattoonni Afaan Oromoo Afaan abbaa isaaniifi haadhaisaanii dubbisuu dhabaniif Afaan Amaarriffaa irra caalaadhaan Finfinnee keessatti waan dhimma itti bahamuuf barattoonni xiyyeeffannaa itti kennuu dhiisuu isaanii, inni biroo barnoonni idileen duraa iddoo hundatti walqixa waan hinjirreefidha. Barattoonni magaala Finfinneetii dhufanis dogoggora dubbisuu kana niqabaatu. Maddi rakkoo kanaas akka nutti fakkaatutti hawaasni Magaalaa Finfinnee baay’een isaanii Afaan Amaaraa wand ubbataniif akka madda rakkoo kanaattii laalama”*.Jechuun yaada kennan.

Akka yaadolee armaan olitti barsiisonni eeran irraa akka hubannutti rakkoon jechoota dogoggoraan dubbisuu barattoota kanaa ka'umsarraa barattoonni hundi barnoota idileen duraa Afaan Oromoon barachuu dhabuufi haalli qophii kitaaba Afaan Oromoo shaakala dubbisuu baay'inaan shaakalchiisu jiraachuu dhabuudha. Akkasumas,magaala Finfinnee keessatti Afaan Amaaraa bakka hundatti dubbatamuun dogoggora barattoonni dubbisuurratti qabaniif rakkoo cimaa ta'uusaa nu agarsiisa.

Gaaffii 6ffaa qorattuun," Barattoonni Afaan Oromoo dogoggoraan akka hin dubbifne yaada furmaata ta'a jettee kan yaadduu ibsi?" jettee gaafatteef barsiistonni qorannoo kana keessatti hirmaatan akka armaan gadiitti deebisaniiru. Akka Walitti dhiheenya yaada deebii kennitoota kanaatti deebiin isaanii akka itti aanu ta'a.

> "*Barattoonni Afaan Oromoo dogoggoraan akka hin dubbifne yaadni furmaata ta'u; barattoonni bu'uurarra akaasanii dubbisa Afaan Oromoo shaakaluu qabu, barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan hundi barattoonni isaanii akka yeroo dubbisaa argatanii shaakalaniif sagantaa itti fufiinsa qabu qopheessuufii qabu,akkasumas, barnoonni idileen duraa yoo xiqqaate waggaa lamaaf daa'immanii kennuu, maatiin barattootaa keessattuu Finfinnee warren jiraatan ijoolleen isaanii akka Afaan Oromoo dubbatan hordoffii cimaa taasisuu fa'a*" jechuun yaada kennan.

Akka waliigalaatti rakkoo dogoggoraan dubbisuu dhabamsiisuuf mana barumsaa kana keessatti shaakalli garaa garaa yoo jiraatellee quubsaa waan hin taaneef barattoonni waa'ee dubbisuutiif xiyyeeffannoo akka kennaniif barsiisonni kan duraa caalaa cimanii shaakalsiisuu qabu.

Akka yaadota armaan olii irraa hubachuun danda'amett barattoonni dogoggaraan akka hin dubbisne furmaata ta'uu kan danda'u barnoota idileen duraa irraa kaasee hanga sadarkaa ol aanaatti barsiisonnii barattoota hirmaachisuun dubbisa Afaan Oromoo akka shaakalan taasisuufi maatiin barattootaas xiyyeeffannoo itti kennuun hordofaa yoo deeman barattoonni dogoggora Afaan Oromoo dubbisuurraa akka isaan fooyya'an ni taasisa.

## 4.4. Afgaaffii Waajjira Barnoota Magaala Finfinneef Dhihaate Akka Armaan Gadiitti Dhihaate:

Raawwii dura waajjira magaalaa Finfinneef afgaaffii dhiyaate. Waajjirri magaala Finfinnee kaayyoo afgaaffii kana kutaa keessatti barattoonni Afaan Oromoo irratti rakkoo dogoggora dubbisuu qaban akka beekuuf.

Gaaffii 1ffaa qorattuun, "Akka waajjiraa keessanitti rakkoo barattoota qunnamu mari'atanii beektuu?yookiin yeroo mari'ataan maal fa'i?" jettee gaafatteef deebii isaanii akka armaan gadiitti kennaniiru.

> "*Waajjira keenya keessatti rakkoo barattoota qunnamuu danda'an irratti yeroo baay'ee ni mari'anna; barataan rakkoo tokko malee kaayyoo baheef akka galma gahuuf rakkoolee kanaan dura beekkamaniifii hin beekkamnes hanga danda'ametti hambisnee barattoonni haala ifaafi bilisa ta'een barnoota isaanii akka hordofan ni mari'anna. Fakkeenyaaf, barattoota irra balaan akka hin geenyeef mooraan mana barnootaa eegicha qaba, haalli baruufii barsiisuu sodaa tokko malee akka gaggeeffamuuf manneen barnootaa hawaasa mana barnootaafi uummata naannichaatiin eegichi akka taasifamu, barataan waan isaa hin galle kutaa keessattis ta'ee kutaan ala akka gaafachuu danda'u mirga akka qabu, barsiisonni manneen barnootaa keessa jiranis gaaffii barattoota isaaniitiin isaaniif ka'uuf deebii kennuun dirqama isaanii akka ta'e, hanga danda'ametti rakkoon akka barattoota irra hin geenyeef wantoota barattoota irratti rakkoo geessisuu danda'a jedhanii yaadan naannoo manneen barnootaa irraa dursanii fageessuun barbaachisaa akka ta'e, ogeeyyii barnootaa yeroo yeroodhaan leenjisuun ga'umsa isaanii akka fooyyeffataniif rakkoo barattootaa mana barumsaa keessatti isaan mudatu jedhamee yaaddamu furuu akka danda'an godhuu, barattoonni kutaa hundumaa keessa jiraatan wantoota baratan hagam akka beekan addaan baasuudhaan qorumsi madaallii akka kennamuufi rakkoo barattootaa akka adda bahu ni godhama, hordoffiin barsiisotaaf ni taasifama, barattoonni itti fufinsaan kutaa seenanii barachaa jiraachuun isaanii karaa itti gaafatamaa kutaa sanaatiin hordoffiin ni*

*taasifama, haala yeroo waliinis wal qabatee dhibee Covd -19 kanarrattillee mari'annee rakkoon akka barattoota keenyarra hin geenyeef of-eeggannoo ni goona akkasumas barattoonni akka of eeggataniif yeroo yeroodhaan gorsi karaa manneen barnootaatiin ni kennama*" jedhan.

Akka yaada kanaatti barattootarraa rakkoon akka hin geenye, dursanii akka of eeggannoo taasisan ibsanii jiru.Kaayyoon gaaffiin kun qophaa'eef waa'ee ilaalcha Finfinnee keessatti Afaan Oromoo barachuufi dhiisuu waliin hidhata qaba jedhame yaadameti. Haata'u malee, isaan rakkoo akka hin jirretti ibsani.

Gaaffii 2$^{ffaa}$ qorattuun, ''Akka Biiroo Barnootatti manni barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu dogoggora dubbisuu yookiin rakkoo dubbisuu qabu jettanii yaadu? Sababni rakkoo kanaa maali?" jettee gaafatteef deebii isaanii akka armaan gadiitti kennaniiru.

"*Akka biiroo barnootaa keenyaatti, barattoonni mana barumsaa kanaa hundas yoo ta'uu baatan barattoonni tokko tokko rakkoo dubbisuu ni qabaatu jedheen yaada.Sababni rakoo kanaa waan baay'ee ta'uu danda'a.Fakkeenyaaf Magaalaa kanatti daa'imman maatiin isaanii Oromoo ta'an baay'een mana barumsaatiin alatti Afaan Amaariffaa waan hasa'aniif Afaan Oromoo irratti xiyyeeffanoo godhuu dhiisuu danda'u. Hordoffiin barsiisota afaan Oromoo barsiisanii gadi aanaa yoo ta'e, fedhiin barattootaa mana barumsa kanaa gadi aanaa yoo ta'e, kaka'umsi minimidiyaa mana barumsichaa yeroo yeroodhaan barattoonni akka barnoota Afaan Oromootiin cicciman hin godhu yoo ta'e, maatiin barattootaa ijoollee isaanii akka afaan kana sirriitti dubbisan hin deeggarre yoo ta'e, manni barumsichaa barattoonni mooraa isaa keessa jiraatan akka kaka'umsa dubbisuu afaanichaa qabaataniif yoo hin deeggarre ta'e, kutaa gadi aanaa keessatti daa'imman sirriitti qubee Afaan Oromoo hin baranne yoo ta'e, afaan isaanii afaan birootiin hiikkatan yoo ta'an, mana keessatti Afaan Oromoo hin dubbatan yoo ta'e, nannoon isaan jiratan Afaan Oromootti dhimma hin bahan yoo ta'e, hawaasni naannoo mana barumsichaa afaan kun akka hin dagaagne yoo barbaade hamilee barattoota mana barumsichaa kana keessa baratanii dhuunfaadhaanis ta'e gareedhaan hamilee*

*isaanii cabsa yoo ta'e, fakkeenyaaf 'Wanzi yamayashagir qo'anqa' kan jedhan wayitu jira yoo waan akkasii kun jiraate barattoonni rakkoo Afaan Oromoo sirriitti dubbisuu qabaachuu dhiisuu ni danda'u*" jedhan.

Yaadni kun sammuu barattootaa harka caalu keessa jira. Kana jechuun maatiin barattootaa tokko tokko ijoollee isaanii akka Afaan Oromoo barattuuf fedhii kan qaban baay'een isaanii ni jiru. Kun immoo barattoonni kun qubee Afaan Oromoo jalqabarraa dubbisuufi barreessuu hin shaakalle taanaan ni dogoggoru.

Gaaffii 3$^{ffaa}$ qorattuun, " Barattoota rakkoo dogoggora dubbisuu Afaan Oromoo qabaniif furmaanni maali jettu? '' jettee gaafatteef deebii isaanii akka armaan gadiitti kennaniiru.

*Barattota rakkoo dogoggora dubbisuu Afaan Oromoo qabaniif furmaanni baayyeen jiraachuu ni danda'a keessumaa akka kiyyatti kaasuu kanan danda'u; barsiisonni barnoota Afaan Oromoo barsiisan hunduu barattoonni isaanii yeroo dubbisaa akka qabaatan gochuu, barattoonni bakkuma irra jiranii jalqabanii barnoota Afaan Oromoo dubbisuu shaakaluu jalqabuu, biiroon barnootaa bu'uura irraa kaasee barattoonni akka Afaan Oromoo sirriitti beekaniif hojjechuu akka qabu, barsiiftonni afaan oromoo barsiisan barattoonni isaanii akka barnoota afaan oromoo jaallataniif hamilee barattoota isanii cimsuu akka qaban, maatiin barattootaa hanga danda'ametti da'imman isaanii mana barumsaatii gara manaatti yeroo deebi'an akka afaan oromoo isaaniif dubbisan jajjabeessuufi shaakalchiisuutu irraa eeggama, hogbarruun afaan oromootiin qopha'an manneen barnoota keessa baayyinaan seenanii barattoonni yeroo boqonnaa isaanii dubbisuu akka danda'an jajjabeesuu, maxxansaan gara garaa kan afaan oromootiin qopha'ee ijoolleen akka afaan oromoo sirriitti dubbisan gargaaru raabsuufi akka isaan mana barumsaa keessatti dubbisaniifi gara manatti fudhatanii dubbisan qopha'uu qaba, biiroon aadaa fi Afaan Oromoorratti hojjetan deeggarasa adda adda yoo godhan barattoonni Afaan oromoo dogoggora malee dubbisuuakka danda'an ni ta'a '' jedhan*

*Akkaa yaada armaan oliirraa hubachuun danda'ametti rakkoo dogoggora Afaan Oromoo qaban furuuf barataan,maatiin,Barsiisonniifi Waajjirrii Barnootaa ga'ee guddaa akka qabanidha.*

*"Gaaffii 4ffaa qorattuun, ''Gara fuula duraatti barattootarraa, barsiiftootarraa, akka bulchiinsa biiroo barnootatti furmaanni maal ta'uu qaba jettu?'' jettee gaafatteef deebii isaanii akka armaan gadiitti kennaniiru".*

> *Akka biiroo barnootatti, Barattottarraa wanti eeggamu: barattoonni yeroo hundumaa waan barsiistonni isaanii isaan barsiisan hundumaa sirriitti xiyyeeffatanii hordofuu akka qaban, waan baratan irra deddebi'anii dubbisuu, barattoonni afaanicha sirriitti dubbisuu danda'an akka walitti dhufeenya isaanitti warra dubbisuu hin dandeenye gargaarsa godhuufii dubbisa shaakaluu akka danda'an gochuu.*
>
> *Barsiistota irraa wanti eegamu: Rakkoo Afaan Oromoo sirriitti dubbisuu dhabuu kana karaa ittiin foyyeeffatan barsiistonni manneen barnoota Afaan Oromoo barsiisan isaan gargaaruu akka qaban fakkeenyaaf barreeffama tokko yeroo hundumaa dhiheessuun barattoonni dabareedhaan akka dubbisan gochuu fi rakkoo barattoonni Afaan Oromoo dubbisuurratti qaban achumatti itti himaa deemuufi akka of fooyyessan jajjabeessuu.*
>
> *Biiroo barnootaarraa wanti eegamu: Barsiistonni Afaan Oromoo karaa ittiin barnoota isaanii fooyyeffatan leenjiiwwan gara garaa qopheessuu, akka isaan gahooman gochuu, deeggarsaa gara garaa gochuudhaan akka Afaan Oromoo bu'uurarraa barattoota isaanii qabachiisuu danda'an gochuu, kanneen akka mala baruufi barsiisuu afaan oromoo cimsu maxxansiisun gara manneen barnootaati rabsaman gochuufi hojiirra oolmaa isaanii hordofuu/duuka buufi gamaaggamuun Afaan Oromoo dogoggora dubbisuu hambisuun ni danda'ama''* jedhan.

Akka yaada armaan oliitti qaamni dhimmi isaa ilaaluu hundi rakkoo dogoggora Afaan Oromoo dubbisuu barattoota xiqqeessuuf bakka jiranitti yoo irratti hojjetan rakkoon kun akka hiikama deemudha.

## 4.5. Afgaaffii Maatii Barattootaa

Raawwii duraa bakka bu'aa maatii barattootaaf afaaniin dhiyaate. Bakka bu'aa maatii barattootaa: kaayyoon afgaaffii kanaa kutaa keessatti barattoota barnoota Afaan Oromoo irratti rakkoo dubbisuu qaban beekuufidha.

Gaaffii 1$^{ffaa}$ qorattuun, "Barataa/ttuu mana barumsaa kana keessatti baratu/ttu qabdu? Yoo qabaattan, akka seeran barattu/tu jajjabeessitu?" Jettee gaafatteef deebii isaanii akka armaan gadiitti kennaniiru.

> *Eeyyee nan qaba, egaa namni hanga dandeettii isaatti ijoollee isaa jajjabeessee naafaa barattu jedheetu mana barumsaatti erga. Anis akkuma nama kamii daa'imman kiyya hanga humni kiyya danda'u gorsuun, deeggaruun, waan isaan barbaachisu guutuun akka isaan sirriitti baratan nan jajjabeessa haata'u malee, daa'imman ammaa baayyee nama hin dhagahani kun ammoo haala hammayyummaa kana wajjin walqabatee daa'imman wantoota gara garaatti qalbiin isaanii qabamee argina sababa kanaatiif daa'imman wanta ofii isaaniitiif fedhan yoo ta'e malee waan namoonni baayyeen itti himan irratti hin xiyyeeffatan. Kanaaf, ani hamma beekumsa kiyyaa nan deeggara kanan jedheef isinis ammoo warri daa'imman wajjin oolta'an daa'imman keenya sirriitti deeggartu jennee abdiidhaan ijoollee keenya isinitti kennanne kanaaf maatii caalaa isintu ijoollee kana sirriitti beeka jedheen amana.*" jedhan.

Gaaffii 2$^{ffaa}$ qorattuun, "Afaan Oromoo yeroo dubbistu/dubbisu dogoggora qabachuu argitanii beektuu? " jettee gaafatteef deebii isaanii akka armaan gadiitti kennaniiru.

*Eeyyee hinuman arga, barattoonni baayyeen yeroo dubbisan sirnaan Afaan Oromoo hin dubbisan kun maaliif akka ta'e anallee baayyee nadhiba. Warri barsiisaa kun afaan kana sirriitti xiyeeffannoodhaan hin barsiisanimoo barattootatu fedhiidhuma barumsa kanaa hin qabne jedheen yaada. waan kana siniifii barataadhumatu beeka*. jedhan.

Gaaffii 3ffaa qorattuun, "Barattoota rakkoo dubbisuu Afaan Oromoo qabaniif furmaanni maal jettanii yaaddu?"" jettee gaafatteef deebii isaanii akka armaan gadiitti kennaniiru.

*Furmaanni barattoonni dogoggora dubbisa Afaan Oromoo irratti qabaniif kan ta'uu inni jalqabaa barsiisota sirriitti Afaan Oromootiin leenji'an qabaachuu dha.Inni lammaffaan ammoo barattoota kutaa gadaanaa keessatti cimsanii afaanicha beekaa akka deeman gochuu danda'uu dha. Sadaffaan, garuu bu'uura ta'a jedhee kanan yaadu barattoonni naannoo Oromiyaa baayyeen isaanii barnoota idileen duraa hin argatan waan ta'eef barnoonni idileen duraa akka naannoo Oromiyaatiin osoo kenname barattoonni yeroo barnoota idilee isaanii seenanitti barnoota Afaan Oromoo kana sirriitti dubbisuufi barreessuullee akka danda'an natti fakkaata. Kanaaf mootummaan xiyyeeffanoo itti kennee hojjechuu qaban jedha.Arfaffaan maatiin barattootaa Afaan Oromoo ijoolleen isaanii akka mana keessatti dubbataniifi dubbisan hordofuun shaakalchiisuun furmaata isa ijoodha.* jedhan.

Gaaffii 4ffaa qorattuun, "Isiin mana barumsaa kanatti barsiifachuuf maaltu isin kakaase?" jettee gaafatteef deebii isaanii akka armaan gadiitti kennaniiru.

"*Mana barumsaa kana waanan filadheef ijoolleen kiyya akka afaaniif aadaa isaanii qabatanii deemaniif barbaadeeni. Daa'imman yeroo baayyee Afaaniifi aadaa isaanii kan irraanfataniif waan Afaan haadhaafi abbaa isaaniitiin hin baranneefi anis kun waan naaf galeef daa'imman kiyya akka Afaan Oromootiin naaf baratanii aadaafi Afaan kiyya dhaloota dhuftuuf dabarsaniifan mana barumsaa kana filadhe*" jedhan.

Gaaffii 5ffaa qorattuun, "Maddi dogoggora dubbisuu Afaan Oromoo barattootaa eessaa madda jettu?" jettee gaafatteef deebii isaanii akka armaan gadiitti kennaniiru.

> *Maddi dogoggora dubbisuu Afaan Oromoo barattootaa kan maddu akka ilaalcha kiyyaatti hanqina barsiisotaafii barattoota akkasumas, rakkoo maatii barattootaa jedheen yaada.Kana jechuun barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan barattoonni isaanii akka afaanicha sirriitti dubbisan hin gargaaran, hin jajjabeessan, hin hordofan, akkasumas hin madaalan jedheen yaada kana akka hanqina barsiisota afaanicha barsiisaniittan ka'a. Inni biroon barattoonni fedhiifi xiyyeeffannoon dubbisuu Afaan Oromoo irratti qaban baayyee gadi aanaa akka ta'en hubadha barataan tokko yoo fedhii dubbisuu hin qabu ta'e waa dubbisee beekumsa dabalataa argachuu hin danda'u kun ammoo jireenya isaa gara fuula duraa irratti rakkoo umuu ni danda'a. Inni biroo maatii barattootaa ta'uu danda'u. Maatiin barattootaa ijoolleen isaanii waan barate akka isaaniif hin dubbifne hin deeggarre yookiin hin jajjabeessine yoo ta'e ijoolleen sun akka feetee ta'u waan ta'eef, dubbisaaf bakka hin kennaniif. Dabalataan mana keessatti Afaan Oromoo maatiin hindubbatan yoo ta'e ijoolleen afaan kana dubbachuufi dubbisuuf ilaalcha gadaanaa akka qabaatan qorannoo kana keessatti hubatameera. Kanaaf maatiin gahee isaanii bahuu qabu*. jedhan.

Yaadaa kenname irraa akka hubannutti maddi rakkoo kanaa barsiisaafi barataa yoo ta'ellee matiin ijoollee isaanii mana keessaatti Afaan Oromoo akka dubbisan shaakalsiisuu isaanirraa eegama.

## 4.6. Afgaaffii Waldaa Barsiisotaa

Kaayyoon afgaaffii kanaa kutaa keessatti barattoota barnoota Afaan Oromoo irratti rakkoo dubbisuu qaban beekuufidha.

Gaaffii 1ffaa qorattuun, "Barsiisota madaaltanii beektuu?"jettee gaafatteef deebii isaanii akka armaan gadiitti kennaniiru

“*Eeyyee ni madaalla, barsiisota madaaluun gahee hojii keenya keessaa isa tokko dha.barsiisota hin madaallee jechuun hojii hojjechaa hin jirru jechuu mitiiree*" jedhan.

Gaaffii 2ffaa qorattuun, "Rakkoo maal argitanii beektuu?"jettee gaafatteef deebii isaanii akka armaan gadiitti kennaniiru.

> *Eeyyee rakkoo baayyeen argee beeka isaan keessaa mata duree ati barbaaddu waliin deeman keessaa barsiisonni tokko tokko osoo hin qopha'iin kutaa seenu, mataduree barsiisan irratti barattoota hin hirmaachisan, karoora isaanii haalaan hin fayyadamani, yaada mataa isaanii qofa dabarfatanii deemuu malee yaada barattootaa yommuu fudhatan hin mullatu, haalli baruuf barsiisuu barsiisaa geddu-galeessa godhate fi waan kan-kana fakkaatan fa'a*" jedhan.

Gaaffii 3ffaa qorattuun, "Mana barumsa Jeneraal Taaddasaa Birruu keessatti Afaan Oromoo warraa barsiisan dawwattanii beektuu? Rakkoo maal barsiisaafi barattoota irraa hubatanii?"jettee gaafatteef deebii isaanii akka armaan gadiitti kennaniiru.

> *Eeyyee, mana barumsaa kana daawwadhee nan beeka. gama lachuunuu rakkoon xixiqaa mullatan keessaa muraasni sa'aa kabajanii argamuu dhabuu, hirmaannaan barattootaa kutaa keessatti qaban gadi aanaa ta'uu, barsiistonni tokko tokko ammoo barattoota hirmaachisuu dhabuu, barsiisonni deeggarsa barnootaa baayyinaan itti fayyadamuu dhabuu, barattoonni gaaffi barnoota booddee baayyinaan yoo gaafatan hin argaman, waan isaaniif hin galle gaafachuuf hin dhimmani akkasumas barsiisaan waan sagantaa darbee irratti barsiise hin yaaddachiisu* jedhan.

Gaaffii 4ffaa qorattuun, "Sababni rakkoo mul’atuu maal jettu?"jettee gaafatteef deebii isaanii akka armaan gadiitti kennaniiru.

“*Sababbiin rakkoolee mullatan kanaa: barsiisonni yeroo yeroo dhaan of qopheessuu dhabuu, hordoffii cimaa dhabuu, barattoonni deeggarsaa gahaa dhabuu, barsiiftonni hordoffii gamaaggama itti fufiinsa qabu dhabuu fa'a*" jedhan.

Gaaffii 5ffaa qorattuun, "Dubbisuu irratti barattoonni rakkoo qabuu?"jettee gaafatteef deebii isaanii akka armaan gadiitti kennaniiru.

> *Eeyyee, yeroo tokko tokko barattoota tokko tokko biratti rakkoon afaan oromoo sirriitti dubbisuu dhabuu ni mullata kunis haala naannoo mana barumsichaa irraa kan maddu natti fakkaata keessattuu barattoonni naannoo mana barumsaa kana jiraatan baayyinaan yeroo barnootaan alatti afaan Amaariffaa hasa'u waan ta'eef afaan oromootiif xiyyeeffannoo akka isaan hin kennine taasisa*. Jedhan.

Gaaffii 6ffaa qorattuun, "Dogoggora dubbisuu mul'atuuf eenyutu itti gaafatamummaa qaba? barsiisaa moo barataa?" jettee gaafatteef deebii isaanii akka armaan gadiitti kennaniiru.

> *Itti gaafatummaa isaa kan fudhachuu qaban warri barsiisu hundi barataan akkasumas maatiin barataa fudhachuu qabun jedha. sababni isaas barsiisaan da'imman osoo afaan oromoo sirriitti dubbisuu hin danda'iin kutaa dhaa kutaatti dabarsa, sirriitti da'imman qubee adda baasanii osoo hin beekiin akka kutaa itti aanutti darban godha, baratan osoo afaan oromoo dubbisuu hin beekiin kutaa keessa ta'aa oolee gala, waan isaaf hin galle hin gaafatu. Maatiin barattootaa da'imman isaanii hagam akka waa dubbisuu danda'an hin hordofani, mana barnootaa hin komatan, maatii garri caalaan ijoollee isaanii akka isaan afaan Oromoo sirreessanii dubbisan hin deeggarani, qaamni dhimmi isaa ilaalu muummee afaan oromoo mana barumsichaa sadarkaa gadi aanaa dha hanga oliitti jiran hundi dogoggora barattoonni dubbisa barnoota afaan oromoo irratti taasisaniif itti gaafatamummaa kan fudhachuu qabu isaan kanan* jedha.

Gaaffii 7ffaa qorattuun, "Fedhiin barataafi barsiisaa dogoggora dubbisuu qaban hambisuuf taasisan maal fakkaata?" jettee gaafatteef deebii isaanii akka armaan gadiitti kennaniiru.

> *Barsiisaan gaheen isaa barsiisuufii waan barsiise madaaluu dha.Barattoonni ammoo barachuu fi waan barsiisaan isaaniif kenne hojjechuu dha.Barsiisaan dogoggora barataa sirreessuu qaba jedheen amana. Barattoonni dogoggora*

*dubbisuu isaanii sirreeffachuu hin dandeenye yoo jiraatan isaan kun fedhii hin qaban jechuun ni danda'ama. barsiisonni dogoggora barataa isaanii yeroo yeroodhaan jala bu'anii hin sirreesiine yoo jiraatan isaan kunis fedhii dogoggora barattootaa sirreessuu hin qaban jechuu ni dandeenya*. jedhan.

Gaaffii 8ffaa qorattuun, "Dogoggora dubbisuu uummamuuf furmaanni maali?" jettee gaafatteef deebii isaanii akka armaan gadiitti kennaniiru.

*Barsiisonni afaan barsiisan hundi barattoota isaanii kutaa gadi aanaa irraa eegalanii sirriitti dubbisa isaanii hordofuufii dogoggora isaanii akka fooyyesaniif hordofuun barbaachisaa dha. Barattoonnis dubbisa barsiisonni kennaniif sirriitti duukaa bu'anii sirreessanii dubbisuun barbaachisaa dha.Maatiin barattootaallee daa'imman isaanii barnoota isaanii akka sirriitti dubbisan deeggaruun barbaachisaa dha. Biiroon barnootaa dandeettii dubbisa barattootaa yeroo yeroon duukaa bu'anii akka gamaaggaman barsiisotaaf leenjii gara garaa qopheessee barsiisota cimsuu qaba* jedhan.

Guduunfaa,akka deebisaa gaaffii kana irraa hubannutti, Barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan hundi barattoota isaanii kutaa gadi aanaa irraa eegalanii akka isaan sirriitti afaanicha dubbisan shaakalchiisuufi hordofuun isaanirra akka jiru, barattoonnis dubbisa barsiisonni isaaniif kennan sirriitti duukaa bu’anii sirreessanii dubbisuun isaanirraa akka eegamu,Maatiin barattootaallee daa’imman isaanii barnootaa isaanii akka sirriitti cimanii dubbisan deeggaruu akka qaban nu hubachiisa.

## 4.7. Afgaaffii Hayyootaa

Kaayyoon afgaaffii kanaa kutaa keessatti barattoota barnoota Afaan Oromoo irratti rakkoo dubbisuu qaban beekuufidha.

Gaaffii 1ffaa qorattuun, "Afaan Oromoo Finfinnee keessatti akka hin dubbatamne maaltu rakkoo fide?"jettee gaafatteef deebii isaanii akka armaan gadiitti kennaniiru.

*Kun ta'uu kan danda'e afaan Amaaraa baayyinaan waan dubbatamuufii sabaaf sablammiin hundi dirqamee afaanicha akka dubbatan ta'a. kanaaf sabaaf sablammiin gara Finfinnee dhufu hunduu afaanicha kana keessatti liqimfamanii hafu. Akkuma kana afaan Oromoos akkuma afaan sabaaf sablammii kaanii Finfinnee keessatti ni liqimfamu jechuu dha. Oromoonni magaalaa kana jiraatanis afaanichuma kan haasa'u waan ta'eef afaan Oromoo akka ballinaan hin hasa'amne taasisee jira. Oromoonni afaan isaanii dagataniiru jechuu ni dandeenya. Kun irratti hojjetamuu kan qabu biiroo aadaa fi afaan Oromootiin afaan kanarratti cimsamee hojjetamuu qaba*. jedhe.

Gaaffii 2ffaa qorattuun, " Barnoonni Afaan Oromoo magaalaa Finfinnee keessatti akka hin kennamnef sababa maaltu ta'a?" jettee gaafatteef deebii isaanii akka armaan gadiitti kennaniiru.

*Kun afaanichi kan ummata Oromoo waan ta'eef sabaaf sablammiin kaan afaan kana barachuu hin barbaadan. Afaanichi afaan hojii federaalaa waan hin taaneef sagantaa dhuma naannoo Oromiyaa qofatti akka kennamu daangeffamee waan jiruufi.Sabaaf sablammiin jiranis afaan Oromootiin barachuu hin fedhani.Oromoo dhumti dhiigaan Oromoo ta'ee magaalaa kana keessa jiraachaa turee afaanicha dagatee ture afaanicha deebi'ee barachuu hin barbaadu.Magaalichi teessoo mootummaa federaalaa waan ta'eef afaan Oromoo akka itti baratamuuf kallattiin ka'ame hin jiru.Magaalichi kun teessoo mootummaa naannoo Oromiyaa yoo ta'us garuu bulchiinsa mataa isheetin akka bultu ta'ee jira sababa kanaatiif, afaanichi akka ittiin hin baratamne daanga'ee jira*. jedhan.

Gaaffii 3ffaa qorattuun, "Gara fuulduraaf ijoolleen Afaan Oromoo afaan dhaloota isaanii ta'ee yoo itti hin baratiin rakkoo akkamii fida?" jettee gaafatteef deebii isaanii akka armaan gadiitti kennaniiru.

*Hanguma magaalaan kun baballchaa deemu namni Afaan Oromoo dubbatu dhabamaa adeema. Sabni Oromoo magaalaa kana keessa jiraatan eenyummaa isaanii, aadaa isaanii, duudhaafi afaan isaanii dagataa adeemu.Afaanichi magaalicha keessatti du'aa adeema.Dhaloonni sanyiidhaan Oromoo ta'an hunduu Afaan Amaaraatiin liqimfamanii guutummaatti afaan abbaafi haadha isaanii dagatanii afaan halagaa kanan gutummaan guututti aguuggamanii jiraatu jechuu dha. Aadaafi duudhaan Oromoo guutummaan guutuutti magaalattii keessatti ni dagatama. Yoo beektonni keenya gadi fageenyaan cimsanii irratti hojjechuu baatan carraan beektonni Oromoo federaala keessatti miindeffamanii hojjechuu akka hin dandeenye taasisa.Hojii argachuuf afaan halagaa beekuun murteessaa ta'a jechuu dha.kanaaf afaan Oromoo gara afaan federaalatti guddisuun baayyee barbaachisaa murteessaa ta'uu qaban jedha*. Jedhan.

Gaaffii 4ffaa qorattuun, “Jalqaba yeroo daa’imummaa kaasanii afaan dhaloota isaaniitiin ijoolleen yoo afaan sanan hin dubbanne /hin barannee barnoota isaanii irratti dhiibbaa maal geessisa?" jettee gaafatteef deebii isaanii akka armaan gadiitti kennaniiru.

*Afaan isaaniitiin hin baranne yookaan hin dubbanne yoo ta'e afaan biroo baratan jechuu dha.kanaaf afaan oromoo dagatanii afaan halagaatiin baratan jechuu dha yoo kana ta'e ijoolleen carraa akkanaa kun isaan mudate hogummaa leenji'aniin Oromiyaa keessatti deebi'anii mindeffamanii hojii mootummaa hojjachuuf carraan isaan qaban baayyee gadiaanaa ta'a. sababiin isaas afaan hojii naannoo Oromiyaa sirriitti waan hin beekneef naannichi isaan keessummeessuu hin danda'u jechuu dha. Naannoo biroo afaan inni beekuu dhaqee hojjechuuf ni dirqama jechuu dha*. jedhan.

Gaaffii 5ffaa qorattuun, "Ijoolleen jechoota dogoggoraan akka hin dubbisne maaltu fala jettu?" jettee gaaffii deebii isaanii akka armaan gadiitti kennaniiru.

*Ijoolleen akka barnoota afaan Oromoo dogoggora hin dubbifneef barsiiftonni afaan oromoo barsiisan barattoota isaanii sirriitti dubbisa shaakalchiisuu qabu, qubee afaan oromoo akka isaan sirriitti adda baasanii beekan gochuu qabu. Sirna qubeessuu adda baasanii akka beekaniif kutaa gadi aanaa keessatti barattoota hundee irraa jalqabanii leenjisuu qabu kun kan inni fayyadu barattoonni jalqabaraa afaanicha sirreessanii akka dubbisaniif isaan fayyada. Ijoolleenis barnoota afaan oromoo dubbisuudhaaf yeroo hunda shaakaluutu isaniirraa eegama.Biroon barnootaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa xiyyeeffanoo kennee guddinaafi dagaagina afaanichaa irratti barattoonni akka afaan oromoo dogoggora hin dubbifneef irratti hojjechuu qaba. Muummeewwan afaan Oromoo jalaa hanga gubbaatti jiran guddina afaan kanaarratti cimanii hojjechuu akka qabaniifi barattoonni dubbisa afaan Oromoo akka hin dogoggorreef hojjechuu qabu. Afaanichi akka guddatuuf uummanni Oromoo Finfinnee keessa jiraatan daa'imman isaanii akka Afaan Oromoo sirriitti dubbisaniifi dubbatan cimsuutu isaan irraa eeggama* jedhan.

Guduunfaa,akka deebisaa gaaffii kanaa irraa hubannutti, barsiistonni Afaan Oromoo barsiisan barattoota isaanii sirriitti dubbisa shaakalchiisuu akka qaban, barattoonni sirna qubeessuu kutaa gadi aanaa keessatti adda baasanii akka beekaniif barsiisonni hundee irraa jalqabanii sirriitti leenjisuu akka qaban, barattoonnis barnoota Afaan Oromoo dubbisuudhaaf yeroo hunda shaakaluun akka isaanirraa eegamu, Biiroon Barnootaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa guddinaafi dagaagina afaanichaa irratti barattoonni akka Afaan Oromoo dogoggoraan hin dubbifneef sirriitti xiyyeeffannoo kennee irratti hojjechuu akka qabu akkasumas muummeewwan Afaan Oromoo jalaa hanga gubbaatti jiran guddina Afaan Oromoo kanaarratti cimanii hojjechuudhaan Afaanichi magaala kana keessatti akka guddachuu danda’u hojjechuu akka qaban nu hubachiisa.

## 4.8. Daawwannaa Daree

Daawwattuun daawwannaa daree keessaatti gaggeeffameef bu'aa qabxiiwwanii akka armaan gadiitti kan dhiyaate ta'a.

Daawwattuun mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa 2faa kutaa 10ffaa daree 'A' fi 'B' daawwatte.Bu’aan daawwannaa kana irraa qaacceffames akka armaan gadi ta’a.

Bu'aan gaafii 1ffaa"Barattoonni AfaanOromoo dogoggora malee ni dubbisuu?" kan jedhuuf qorattuun daawwannaa kanaa "Lakki” kan jedhutu hubatame. Sababiin isaas barattoonni Afaan Oromoo yeroo dubbisan qubee jabaatuuf laafu, kan dheeratuuf jabaatu, irra buta, jechoota tishoo sirriitti adda baasanii dubbisuun akka isaan dhibu hubatteetti. Kun kan nutti agarsiisu, baratoonni qorannoon kun irratti gaggeeffame dubbisa barnoota afaan Oromoo kennameef sirreessani akka hin dubbifne nutti agarsiisa.

Bu'aan gaafii 2ffaa"Barattoonni hojii gareefi hojii daree of danda’anii dubbisuun hojjetuu?" kan jedhuuf qorattuun daawwannaa kanaa "Lakki " kan jedhu ka'an ture. Barattoonni of danda'anii dubbisa Afaan Oromoo dubbisanii hojii daree hojjechuuf ni rakkatu ture, kanaaf ammoo walirraa laaluudhaaf yommuucarraaqan hubadheen jira. Kun kan nutti agarsiisu barattoonni barnoota afaan Oromoo ofdanda'anii dubbisanii daree hojjechuufillee hanqina akka qaban nutti mulisa.

Bu’aan gaafii 3ffaa 'Barattoonni walitti fufiinsaan dubbisuu ni shaakaluu?' kan jedhuuf daawwattuun "Lakki ‘‘jechuun filattee sababiin isaas baratoonni yeroo dubbisan walitti fufinsaan hin dubbisan. Sagaleen isaanii gargar ciccita, akkasumas jecha tokkicha itti deddeebi'aa dubbisu. Kun kan nutti agarsiisu, barattoonni kutaa 10ffaa"A" fi "B" mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu qorannoon irratti gaggeeffame kun barnoota afaan Oromoo walitti fufiinsaan dubbisuu irratti hanqina akka qaban mullisan.

Bu’aan gaafii 4ffaa‘Barattoonni yeroo dubbisan sodaa tokko malee ni dubbisuu?" gaaffii jedhuuf daawwattuun "Lakki " jettee deebifte. Sababiin isaas barattoonni yeroo barnoota afaan oromoo kutaa keessatti dubbisan harki isaanii ni kirkira ture garii gariin isaanii irraa ammoo sodaatu irraa mullata. Kun kan nutti agarsiisu barattoonni afaan oromoo baratan, qorannoon kun irratti gaggeeffame sababa sodaataniif, barnoota afaan oromoo yeroo dubbisan dogoggora akka uuman isaan taasiseera.

Bu’aan gaafii 5ffaa"Barattoonni yommuu barumsa isaanii hordofan dammaqinaan dubbisa irratti ni hirmaatuu?" "Lakki " jettee deebifte sababiin isaas barattoonni fedhiidhaan dubbisa kutaa keessatti godhamerratti barsiisatu akka hirmaatan maqaa dhahee isaan filata ture kun ammoo barattoonni dubbisa kutaa keessatti dubbisuudhaan dadammaqina akka hin qabne agarsiisa. Qabxii kun kan nutti agarsiisu, barattoonni afaan Oromoo dubbisuuf dadamaqinsa kan dhabaniif keessa isaaniitii fedhii akka hin qabaanne nutti mullisa.

Bu’aan gaafii 6ffaa"Barsiisoonni dogoggora dubbisuu Afaan Oromoo yoo argan akka sirreeffataniif ni kakaasuu?""Lakki "jettee deebifte.Sababiin isaas barattoonni yeroo dubbisa qorattuun barattoonni akka dubbisaniif isaaniif kenname, dubbisa dogoggoraa dubbisanitti barsiisonni barattoota isaanii sirreessuuf yeroo carraaqan hin mul’anne. Kanarraa hubachuun kan danda'amu barsiistonni afaan Oromoo barsiisan dogoggora barattoonni barnoota afaan Oromoo dubbisuu irratti hanqina agarsiisaniif gahee guddaa akka qaban hubachuun ni danda'ama.

Bu’aan gaafii 7ffaa"Barattoonni yeroodogoggora dubbisan booda deebisaanii dogoggora isaanii sirreeffachuuf ni carraaqu?"Lakki" jettee deebifte sababiin isaas, barattoonni garri caalaan callisaniituma irra darbu turan barattoonni dubbisa dogoggoraa yommuu dubbisan barsiisaan akka irra deebi'anii sirreessuuf gutummaa guututti yommuu yaalan hinargine ture.Barattoonnis dogoggora dubbisaa isaaniif kenname kanarratti uummame irra deebi'anii sirreeffachuuf akka deeggarsa hin arganne hubatameera. Bu'aan gaaffii kanaa kan nutti agarsiisu barattoonni harki caalaan dogoggora yommuu dubbisan deeggarsa waan hin arganneef dogoggora isaanii sirreeffachuuf akka hin carraaqne mul’isa.

Walumaagalatti barattoonni kutaa 10ffaa"A" fi "B" mana barumsaa sadarkaa 2ffaa Jeneraal Taaddasaa Birruu akka ragaan daawwannaa kanaa mul’isutti qorattuun guyyaa shan dareetti argamuun akka daawwattetti barattoonnii kutaa 10ffaaAfiB kanneen kaayyeeffataman dubbisa isaaniif dhiyaate dubbisuuf hundi akka fedhii wal qixa hinqabneefi gama barsiisaanis hundi irra deddeebiin kan hinshaakalsisne yookiin sirreeffama itti hinkennine ragaa kan irraa hubatameera.

# BOQONNAA SHAN: GUDUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

## 5.1. Guduunfaa

Kaayyoon qorannoo kanaaxiinxala dogoggora barattoonni Afaan Oromoo dubbisuu irratti qaban kan kutaa 10ffaa AfiBMana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Jeneraal Taaddasaa Birruu qaaccessuu ilaallata.Akkuma boqonnaa jalqabaatti ibsame dubbisuun dandeettii barattoonni kutaa gadii yookiin daa'immummaa isaanii irraa kaasanii hanga sadarkaa olaanootti dandeettii isaan waliin dagaagaa deemuufi dandeettii afaan jiran keessaa dandeettiin dubbisuu adeemsa wal xaxaa ta'eefi qayyabachuu,hubachuu,xiinxaluufi hiikuu akka ta'e beektonni adda addaa ibsaniiru.Haata'u malee Mana Barumsaa kana keessatti rakkoon dogoggoraan dubbisuu kun sababa adda addaa irraa kan ka'e bal'inaan mul'ata. Qorattuunis sababa rakkoo jechoota dubbisuu dadhabuu barattootaa kana adda baasuun qorannoo ishii keessatti ibsiteetti. Qorannoon kunis mala qorannoo hammamtaafi akkamtaatti dhimma bahuun odeeffannoon qaacceeffameera.Waan qorannoo kana irraa argames barattoonni qorannoo kana keessatti haammataman harki caalaan isaanii dubbisa isaanii dhiyaate dogoggoraan akka dubbisan raga qindaa'erraa hubachuun danda'ameera.

Walumaagalatti, gaaffileen bu'uuraa qorannoo kana keessatti kaa'ame odeeffannoo meeshaalee funaansa ragaarraa argame qaaccessuun deebii argateera.Bu'aa argame kanarraa ka'uun, qorattuun argannoo ishee akka armaan gadiitti keessee jirti.

## 5.2. Argannoo

Dogoggora dubbisuu barattoota Afaan Oromoo baratan kutaa 10ffaa"A"fi "B" Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Jeneraal Taaddasaa Birruu haala qorannoo kanaan adda baafametti hanqinaalee qabaachuu isaati. Innis hanqinaalee qabaachuuf akka sababaatti ragaaleen meeshaalee funaansa raga irraa qaacceffameen qorattuun gaaffilee bu'uuraa qabattee kaate irratti hundaa'uun deebii argatte kan armaan gadiiti.

- Barattoonni barreeffama Afaan Oromoo dubbisuu irratti hanqina qabu. Inni kunis, dubbisa qorattuudhaan qopha'ee isaaniif kenname yommuu dubbisan jechoota qubeewwan jabaa, laafaa, dheeraa, gabaabaafi irrabuta ofkeessaaqaban sirriitti adda

baasanii dubbisuu irratti hanqina akka qaban isa kana mul’isuu danda’a. Barsiisonni, dogoggora dubbisuu Afaan Oromoo barattoonni raawwatan sirreessuuf fedhiin isaanii hanqina akka qabu mul’isa?

- Barreeffama kennameef fedhiidhaan ka'anii dubbisuu irratti hanqinni barattootarratti mul’teera. Kunis yeroo qo'annoon kun gaggeeffamaa turetti barsiisonni dubbisa qopha'e kana akka barattoonni tokko tokkoon ol ka'anii dubbisan gochaa turan kunis barattoonni fedhiidhaan barnoota Afaan Oromoo dubbisuu irratti hanqina qabaachuu isaanii agarsiisa.

- Barsiisonnis Afaan Oromoo barsiisan, dogoggora dubbisuu barnoota Afaan Oromoo barattoonni qaban hirrisuu irratti sadarkaa gadi irraa kaasee hanqina akka qaban odeeffannoo qaacceffamerraa hubatameera. Barsiisonnis, dogoggora dubbisuu isaanii akka adda baasatan, haala dubbisa isaanii akka fooyyeffataniifi dandeettii sirreessanii dubbisuu isaanii akka cimsatan deeggaruu irratti akkasumas dubbisa dabalataa dhiyeessuun akka hubannoo dubbisuu isaanii cimsatan gochuurratti hanqina agarsiisaniiru.

- Dogoggora barattoonni barnoota Afaan Oromoo dubbisa irratti isaan mudateef malli barsiisaan fayyadamee barsiisu hanqina qaba. Kun ammoo ragaalee qorattuun daawwannaa, afgaaffii beektotaafi biiroo barnootaa irraa argamaniin mirkana'uun danda'ameera, innis barsiisonni yeroo shaakallii barattootaaf kennuu dhabuu, deeggarsa mala dubbisuu Afaan Oromoo barattootaaf kennuu dhabuu, barattoonni akka barnoota Afaan Oromoo fedhii horatanii dubbisan gochuu dhabuu dha.

- Dogoggora dubbisuu barnoota Afaan Oromoo barattoota irratti mullateef Afaan Amaariffaa gahee guddaa qaba. Kunis ragaaleen funaanname irraa hubachuun kan danda'ame yommuu ta'u innis barattoonni mana barumsaa kanatti baratan magaalaa guddoo Finffinnee keessa jiraatu sababa ta'eef mana barumsaan alatti Afaan Amaariffaa akka haasa'an argannoo kana ni mirkaneessa.

## 5.3. Yaboo

Argannoo qorannoo kanaa irratti hundaa’uun yaanni furmaataa armaan gadii kennamee jira.

- Barattoonni barreeffama barnoota Afaan Oromoo sirriitti dubbiuu shaakaluu.
- Barattoonni barreeffama kenname tokko fedhiidhaan ka'anii dubbisuu shaakaluun gaarii ta’a.
- Barsiisonni dubbisa dabalataa kennuun shaakalsiisuu isaairraa eegama.
- Barsiisonni mala baruu barsiisuu mijataa ta’e fayyadamanii barattoonnidubbisa akka shaakalan taasisuun isaanirraa eegama.
- Maatiin barattootaa, barsiisaan, uummanni Oromoo magaalaa Finfinnee keessa jiraatan ijoolleen isaanii mana barnootan alattis Afaan Oromoo dubbachuufi dubbisuu shaakalsiisuun yookiin jajjabeessuun gaarii ta’a.

# WABIILEE


Addunyaa Barkeessaa. (2010). *Natoo: Yaadrimee caasluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Mega Printing Press.

Amber Gove and Anna Wetterberg *(2011). The Early Grade Reading Assessment: Applications and Interventions to Improve Basic Literacy* Edited by, RTI International 3040 Cornwallis Road, PO Box 12194, Research Triangle Park, N C 27709-2194 USA www.rti.org)

Anderson. (1985). *Reading in a foreign Language: A reading proplem or a language Proplem?In J.C.*

Andrianatos, K., 2019, *'Barriers to reading in higher education: Rethinking reading support'*, Reading & Writing 10(1), a241. https://doi.org/10.4102/ rw.v10i1.241

Berndt, Petzer & Wayland 2014; Pretorius 2002; Van Dyk, Van der Poel & Van der Slik 2013

Boakye, N., Sommerville, J. & Debusho, L., 2014, *the relationship between socioaffective factors and reading proficiency: Implications for tertiary reading instruction*, Journal for Language Teaching 48(1), 173–213. https://doi.org/ 10.4314/jlt.v48i1.9

Butyniec-Thomas, J., & Woloshyn, V. E. (1997).*The effects of explicit-strategy and whole-language instruction on students' spelling ability.* Journal of Experimental Education, 65, 293–302.

Chomsky, N. and Halle, M (1968).*The Sound Pattern of English, MIT Press*. Cambridge Mass.

Cordewener, K. A. H., Verhoeven, L., & Bosman, A. M. T. (2015).Improving spelling performance and spelling consciousness. Journal of Experimental Education, 0, 1–27. doi:10.1080/00220973.2014.963213

Darch, C., Eaves, R. C., Crowe, D. A., Simmons, K., & Conniff, A. (2006).*Teaching spelling to students with learning disabilities: A comparison of rule-based strategies versus traditional instruction.* Journal of Direct Instruction, 6, 1–16.

Dassaaleny Abarraa Dhangi`a. (2019).*Xiinxala Dogoggora Afaan Oromootiin Qubeessuu Xalayaalee Waajjira Barnootaafi BLTO Aanaa Guutoo Giddaa kan Bara 2010 fi 2011*. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (Ma) Afaan Oromoofi Ogubarruu Barsiisuun Gamisaan Guuttachuuf Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fooklooriif Dhihaate, Yuuniversiitii Addis Ababa.

Geetachoo Asaffaa.(2018).*Qaacessa Oogummaa Dubbisuu Barattoota Afaan Oromoo Haala Mana Barumsaa Komboshaa Kutaa 12$^{ffaa}$*.Waraqaa Qorannoo Digirii 2ffaa(MA)Afaan Oromoofi Ogubarruu Barsiisuun Gamisaan Guuttachuuf Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fooklooriif Dhihaate, Yuuniversiitii Addis Ababa.

Getachow Rebirra. (2009). *Furtuu. Seerluga Afaan Oromoo Kutaa 9ffaafi 10ffaa, Finfinnee*: Kuraz Enterpirat Publishing Iterpraise.

Getachew. (1996). *Teaching of Reading in Government High School.*In Addis Ababa.

Grskovic, J. A., & Belfiore, P. J. (1996).*Improving the spelling performance of students with disabilities. Journal of Behavioral Education*, 6, 343–354. Doi: 10.1007/BF02110135

Hanushek & Woessman, (2009).*akka (The Early Grade Reading Assessment: Applications and Interventions to Improve Basic Literacy* Edited by Amber Gove and Anna Wetterberg, RTI International 3040 Cornwallis Road, PO Box 12194, Research Triangle Park, N C 27709-2194 USA www.rti.org)

HarappaDiaries.(2020). *Types of Reading Skills for Effective Communication.* https:// harappa. education/ harappa-diaries/types-of-reading (retrived on February 15, 2021)

Hilte, M., & Reitsma, P. (2011).*Effects of explicit rules in learning to spell open- and closed-syllable words. Learning and Instruction*, 21, 34–45. doi:10.1016/j.learninstruc.2009.10.002

Jawaar Siraaj Mohammad. (2011). Dandeettii Ijoolleen Oromiyaa Waa Dubbisuuf Qabdu.Hagayya 7, 2011, Doi. http://pdf.usaid.gov/pdf_docs/PNADW593.pdf

Karl McDonald.(2012). *Different Reading Techniques and When to Use Them.https://www.howtolearn.com/2012/08/different-reading-techniques-and-when-to-use-them/ retrived on February 15, 2021*

Kemper, M. J., Verhoeven, L., & Bosman, A. M. T. (2012).Implicit and explicit instruction of spelling rules. Learning and Individual Differences, 22, 639–649. doi:10.1016/j.lindif.2012.06.008

Kernaghan, K., & Woloshyn, V. E. (1995). Providing grade one students with multiple spelling strategies: Comparisons between strategy instruction, strategy instruction with metacognitive information, and traditional language arts. Applied Cognitive Psychology, 9, 157–166. doi:10.1002/acp.2350090205

Kim A. H. Cordewener, Fred Hasselman, Ludo Verhoeven & Anna M. T. Bosman (2018) *The Role of Instruction for Spelling Performance and Spelling Consciousness*, The Journal of Experimental Education, 86:2, 135-153, DOI: 10.1080/00220973.2017.1315711

Kuulanii Fayyeeraa. (2018). *Xiinxala Oogummaa Dubbisuu Barattoota Kutaa 9ffaa Afaan Oromoo Akka Afaan Jalqabaattiifi Akka Afaan Lammaffaatti Baratan: Haala Mana Barumsaa Amboo Sadarkaa Lammaffaatti*.

Maammoo Gadaa. 2016. *Hubannaa.*Mybt printing press.

MacMillan, M., 2014, '*Student connections with academic texts: A phenomenographic study of reading'*, Teaching in Higher Education 19(8), 943–954. https://doi.org/10 .1080/13562517.2014.934345

McGuffin, M. E., Martz, S. A., & Heron, T. E. (1997).*The effects of self-correction versus traditional spelling on the spelling performance and maintenance of third grade students*. Journal of Behavioral Education, 7, 463–476.

McNeish, J., Heron, T. E., & Okyere, B. (1992).*Effects of self-correction on the spelling performance of junior high students with learning disabilities*. Journal of Behavioral Education, 2, 17–27. doi:10.1007/BF00947135

Milkeessaa Miidhagaa. 2015. *Afaan Oromoofi Imaammata Afaanii Biyya Itoophiyaa, 1855-2015*. Finfinnee Oromiyaa: ELLENI P.P.PLC.

Misgaanuu Gulummaa Irranaa. 2011. *Sanyiii: Ogummaa Dubbisuu*. Finfinnee : Subi Printing Press. (Fuula 22-38, 43-86, 90-100)

Morton, W. L., Heward, W. L., & Alber, S. R. (1998). *When to self-correct? A comparison of two procedures on spelling performance*. Journal of Behavioral Education, 8, 321–335.

Nuttall, C. (1982). *Teaching Reading Skills in Foreign Language*.London: Oxford University Press.

Paffen, R., & Bosman, A. M. T. (2005).*Spellingbewustzijn kan met een korte training gestimuleerd worden [Spelling consciousness can be improved by a short training]*.Tijdschrift voor Orthopedagogiek, 44, 388–397.

Save the Children – siifsiin (2017), *Barnoota Save the Children*, (retrived on February 15, 2021)

Williams, E. (1996). *Reading in the Language Classroom*. London: Macmillan Publisher Ltd.

Yaadasaa Tolasaa. (2018). *Jiildii 2ffaa: Malleen Qorannoo bu'uuraa*. Finfinnee: Far East Trading PLC.

Myrberg, E. (2007). *The effect of formal teacher education on reading achievement of 3rd-grade students in public and independent schools in Sweden.* Educational Studies, 33(2), 145–162. http://dx.doi.org/10.1080/03055690601068311. Department of Education, Unit for Individual, Culture and Society.

Lyon, G. R. (January/February 2000). *Why reading is not a natural process*. LDA Newsbriefs.Learning Disabilities Association of America.

Willemen, M., Bosman, A. M. T., & van Hell, J. G. (2000).Beter leren spellen tijdens stellen [Improving spelling while writing essays].Pedagogische Studi€en, 77, 173–182.

Willemen, M., Bosman, A. M. T., & van Hell, J. G. (2002). Leren stellen en niet vergeten correct te spellen [Learn to write essays and don't forget to spell correctly]. Tijdschrift voor Remedial Teaching, 1, 22–25.

Wirtz, C. L., Gardner, R., Weber, K., & Bullara, D. (1996).Using self-correction to improve the spelling performance of low-achieving third graders. Remedial and Special Education, 17, 48–58. doi:10.1177/074193259601700106

World Bank: Independent Evaluation Group, (2006 hhttps:// www. researchgate. net/ publication/ 225968300 https://www.readandspell.com/us/common-reading-problems (retrieved on October 5, 2020)

# DABALEEWWAN

## Dabalee I

YUUNVARSIITII WALLAGGAA

MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUU

Dubbisaa Kaayyoon bargaaffii kanaa sagantaa barnootaa Afaan Oromootti haalawwan Afaan Oromoo dubbisuu irratti dogoggora fidan beekuuf kan dhiyaatedha. Barreeffama kana yeroo dubbisan jalqaba qajeelfama qorattuun itti himte hordofuun kan rawwaatamuudha. Barattoonnis haala qajeelfamaan yeroo isaanii kenname keessatti dubbisu.

Dubbisa Dhiyaate

Oromoonni yeroo bitta alagaa jala jirruufi miidhan lammii akkasumas biyyaa teenyarraa gahu xiiqii keessa gallee tokkummaa uumuu dadhabne kun gaafa dhiibbaa diinaa jalaa baanee faayidaa biyya teenyaa dhandhamachuu eegallee sababbiin wal-dhabbiindhaan nu saaxilu kan amma kan caalaa akka dabalu beeknee ammumarraa itti yaadamuu qaba jedheen amana. Wanti iftoominaan itti mari'annee waliigaluu qabnu tokkummaa yoomuu barbaachisaa ta'e kana fiduudhaa maal akka nu barbaachisuufi wanti gufuu tokkummaa ta'uu dandahu maal akka ta'e gadi-buunee hubachuu qabna.

Sabni Oromoo akka hiree ta'ee amantii adda addaa akka hordofu ta'uun isaa malees ilaalchi Habashummaa kan itti nu cuubame garaagarummaan ilaalchaa akka nu jidduutti uumamu nu taasisee jira. Dhiibbaan akka Oromummaa teenyarraa jallannu alagaadhaan nurratti dalagamaa tureefi ilaalcha amantiiwwaan adda addaa nu keessatti uuman Oromummaarraa akka jallannu nu taasisuu isaa waakkatuu hin dandeenyu. (Maammoo Gadaa, Hubannaa F: 125)

**Dabalee II**

YUUNVARSIITII WALLAGGAA

MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUU

Bargaaffii Barattootaa

Barattoota, kaayyoon bargaaffii kanaa sagantaa barnoota Afaan Oromootti haalawwan Afaan Oromoo dubbisuu irratti dogoggora fidan beekuuf kan dhiyaatedha. Kanaafuu, tokko tokkoo gaaffii kanaaf of eeggannoon deebii kenni.Maqaa barreessuun hin barbaachisu.

Galatoomaa!

A. Gaaffiillee armaan gadiif deebii sirrii filadhu.

1. Jecha armaan gadii keessaa kan hiikaa jecha baayyee jedhu bakka bu'u kami?

A. heduu B. hedduu C. heeduu D. hedu E. heedduu

2. Tolaan kaleessa_____deemee sangaa gurraacha bite.

A. gaabaa B. gabbaa C. gabba D. gabaa E. gaba

3. Sanyiifi Soolaneen boru Finfinnee_____ .

A. deemuu B. demu C. demmu D. deeman E. deemu

4. Akka ebeluun sirbaan morma nama _____.

A. jaliisa B. jaallisa C. jallisa D. jalisa

5. Sagalee gabaabaafi_____yeroo adda baasnu dubbachiiftuu irratti hundoofna.

A. dheraa B. dheera C. dheerraa D. dheeraa E. dhera F. deebii hin qabu

6. "_____fi furguggee gad jalaa jedhanii dabarfatu ''jechuun mammaka Oromoon.

A. bara B. barraa C.baraa D. baaraa E. hunda

B. Bakka duwwaa armaan gadii deebii sirrii guuti.

7. Uummanni Oromoo sirna _____ bula. (gaddan, gadan, gaadaan, gadaan )

8. Uummata Oromoo biratti nyaanni _____beekamadha. (addaa, aadaa, adaa, aada )

9. Dandeettiwwan dubbisuufi _____keessaa kamtu cimaadha. (barreessuu, barressuu, bareessuu, barreesuu )

10. Muka_____ caalu Odaa teessoo jaarsaa. (mukka, muuka, muukaa, muka )

# Dabalee III

YUUNVARSIITII WALLAGGAA

MUUMMEE AFAANOROMOOFI OGBARRUU

Afgaaffii Barsiisotaa

Raawwii dura barsiisota Afaan Oromoo barsiisaniif afgaaffii dhiyaate.Barsiisota kaayyoon afgaaffii kanaa kutaa keessatti barnoota Afaan Oromoo irratti dogoggora dubbisuu irratti barattoonni qaban beekuufidha. Kanaanis uunkaa kana guutuuf gargaarsa naa gootaniif galanni koo daangaa hinqabu.

Galatoomaa!

1. Dogoggoraan dubbisuu Afaan Oromoo barattoonni uumanfuruuf hangamhirmaattuu?

A,Gonkuma hin hirmaadhu.

B,Yeroo hunda nan hirmaanna.

C,Yeroo tokko tokko nan hirmaadha.

D,Torbee torbeen nan hirmaadha.

E,Ji'atti al tokkoon hirmaadha.

2. Hirmaannaa barattootaa cimsuuf carraaqiin gootu maali?

A,Akka hirmaatan mirga nan kennaaf

B,Nan dirqisiisan

C,Al tokko tokko nan jajjabeessa.

D,Barattoota hirmaannaa gaarii qaban nan jaalladha.

3. Ilaalcha barattootni Afaan Oromoo dubbisuu irratti qabda maal fakkaata?

A,Barattootni hundi ilaalcha walfakkaataa qabu.

B,Barattootni hundi ilaalcha wal fakkaataa hin qabani.

C,Fedhii barachuu ni qabu.

D,Barattootni ittiin barachuu isaaniif ni gammadu.

4. Barattoonni isin barsiiftan hirmaannaan isaan dubbisuuf, gaaffii gaafachuufi deebisuuf qaban maal fakkaata?

A,Baayyee olaanaadha.

B,Gidduugaleessadha

C,Hirmaannaa wayiituu hinqaban.

D,Xiqqaadha.

5. Barattoonni Afaan Oromoo dogoggoraan dubbisan baayyeedha ? yoo ta'e sababni isaa maali?

_____

_____

_____

6. Barattoonni Afaan Oromoo dogoggoraan akka hin dubbifne yaada furmaata ta'a jettee kan yaadduu ibsi?

_____

_____

_____

# Dabalee IV

YUUNVARSIITII WALLAGGAA

MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUU

Afgaaffii Waajjira Barnoota Magaala Finfinneef

Raawwii dura waajjira magaalaa Finfinneef afgaaffii dhiyaate. Waajjirri magaala Finfinnee kaayyoo afgaaffii kana kutaa keessatti barattoonni Afaan Oromoo irratti rakkoo dogoggora dubbisuu qaban akka beekuuf. Kanaafis uunkaa kana guutuuf gargaarsa naa gootaniif galanni koo daangaa hin qabu.

Galatoomaa!

1.Akka wajjiraa keessanitti rakkoo barattootaa qunnamu mari'atanii beektuu yookiin yeroo mari'ataan maal fa'i?

_____

_____

2.Akka Biiroo Barnootatti manni barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu dogoggora dubbisuu yookiin rakkoo dubbisuu qabu jettanii yaadu? Sababni rakkoo kanaa maali?

_____

_____.

3.Barattoota rakkoo dogoggora dubbisuu Afaan Oromoo qabaniif furmaanni maali jettu?

_____

_____.

4.Gara fuula duraatti barattootarraa, barsiiftootarraa, akka bulchiinsa biiroo barnootatti furmaanni maal ta'uu qaba jettu ?

_____

_____

# Dabalee V

YUUNVARSIITII WALLAGGAA

MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUU

Afgaaffii Maatii Barattootaa

Raawwii duraa bakka bu'aa maatii barattootaaf afaaniin dhiyaate. Bakka bu'aa maatii barattootaa: kaayyoon afgaaffii kanaa kutaa keessatti barattoota barnoota Afaan Oromoo irratti rakkoo dubbisuu qaban beekuufidha. Kanaafis uunkaa kana guutuuf gargaarsa naa gootaniif galanni koo daangaa hin qabu.

Galatoomaa!

1.Barataa/ttuu mana barumsa kana keessatti baratu/ttu qabdu? Yoo qabaattan, akka seeran barattu/tu jajjabeessitu?

_____
_____
_____.

2.Afaan Oromoo yeroo dubbistu/dubbisu dogoggora qabachuu argitanii beektuu?

_____
_____
_____
_____.

3.Barattoota rakkoo dubbisuu Afaan Oromoo qabaniif furmaanni maal jettanii yaaddu?

_____
_____
_____
_____.

4. Isiin mana barumsaa kanatti barsiifachuuf maaltu isin kakaasa?

_____
_____
_____.

5.Maddi dogoggora dubbisuu afaan oromoo barattoota eessa madda jettu?

_____
_____
_____.

# Dabalee VI

YUUNVARSIITII WALLAGGAA

MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUU

Afgaaffii Waldaa Barsiisotaa

Raawwii duraa waldaa barsiisaaf afgaaffii afaaniin dhiyaate.Kaayyoon afgaaffii kanaa kutaa keessatti barattoota barnoota Afaan Oromoo irratti rakkoo dubbisuu qaban beekuufidha. Kanaafis uunkaa kana guutuuf gargaarsa naa gootaniif galanni Koo daangaa hin qabu.

Galatoomaa

1. Barsiisota madaaltanii beektuu?

_____.

2. Rakkoo maal argitanii beektuu?

_____.

3. Mana barumsa Jeneraal Taaddasaa Birruu keessatti Afaan Oromoo warraa barsiisan dawwattanii beektuu? Rakkoo maal barsiisaafi barattoota irraa hubatanii?

_____

_____

_____.

4. Sababni rakkoo mul'atuu maal jettu?

_____

_____

_____.

5. Dubbisuu irratti barattoonni rakkoo qabuu?

_____

_____

6. Dogoggora dubbisuu mul'atuuf eenyutu itti gaafatamummaa qaba? Barsiisaa moo barataa.

_____

_____.

7. Fedhiin barataafi barsiisaadogoggora dubbisuu qabanhambisuuf taasisan maal fakkaata?

_____

_____

_____.

8. Dogoggora dubbisuu uummamuuf furmaanni maali?

_____

_____

_____

# Dabalee VII

YUUNVARSIITII WALLAGGAA

MUUMMEE AFAANOROMOOFI OGBARRUU

Afgaaffii Hayyootaa

Raawwii duraa afgaaffii hayyootaaf afaaniin dhiyaate.Kaayyoon afgaaffii kanaa kutaa keessatti barattoota barnoota Afaan Oromoo irratti rakkoo dubbisuu qaban beekuufidha. Kanaafis uunkaa kana guutuuf gargaarsa naa gootaniif galanni koo daangaa hin qabu.

Galatoomaa

1. Afaan Oromoo Finfinnee keessatti akka hin dubbatamne maaltu rakkoo fide?

_____
_____
_____.

2. Barnoonni Afaan Oromoo magaalaa Finfinnee keessatti akka hin kennamnef sababa maaltu ta'a?

   _____
   _____
   _____.

3. Gara fuulduraaf ijoolleen Afaan Oromoo afaan dhaloota isaanii ta'ee yoo itti hin baratiin rakkoo akkamii fida?

_____
_____
_____.

4. Jalqaba yoo daa'imummaa kaasanii afaan dhaloota isaaniitiin ijoolleen yoo afaan sana hin dubbanne /hin barannee barnoota isaanii irratti dhiibbaa maal geessisa?

_____
_____
_____

5. Barattoonni jechoota dogoggoraan akka hin dubbisne maaltu fala jettu?

_____
_____
_____

**Dabalee VIII**

YUUNVARSIITII WALLAGGAA

MUUMMEE AFAAN OROMOOOFI GBARRUU

Daawwannaa Daree

Qabxii Daawwannaa Daree keessaa

Maqaa mana barumsaa ----------

Kutaa daawwatame_____ daree _____

Guyyaa _____ yeroo _____

Daawwattuu

| T.L | Gaaffii daawwannaa daree | Eeyyee | Lakkii | Yaada |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Barattoonni AfaanOromoo dogoggora malee ni dubbisuu? | | | |
| 2 | Barattoonni hojii gareefi hojii daree of danda'anii dubbisuun hojjetuu? | | | |
| 3 | Barattoonni walitti fufiinsaan dubbisuu ni shaakaluu? | | | |
| 4 | Barattoonni yeroo dubbisan sodaa tokko malee ni dubbisuu? | | | |
| 5 | Barattoonni yommuu barumsa isaanii hordofan dammaqinnaan dubbisa irratti ni hirmaatuu? | | | |
| 6 | Barsiisoonni dogoggora dubbisuu Afaan Oromoo yoo argan akka sirreeffataniif ni kakaasuu? | | | |
| 7 | Barattoonni yeroodogoggora dubbisan booda deebisaanii dogoggora isaanii sirreeffachuuf ni carraaqu. | | | |